# TO'ANNOO DAMBIILEE FI QAJEELFAMOOTA AANGOO BAKKA BU'INSAAN BA'ANII: HAALA QABATAMAA OROMIYAA*

*Tafarii Baqqalaa***

*Waaqgaarii Dullumee****

## ABSTRACT

*The core idea of principle of separation of power was coined by John Lock and latter refined by Montesque in the 18th century. It advocates for separation of government power among three branches: legislative, executive and judiciary. Each branch has its own primary function and intervention in the primary function of the other branch is not allowed. However, the principle is not absolute for different reasons. One area of deviation is delegated legislation whereby executive branch makes laws; although the function belongs to legislature. However, the compatibility of delegated legislations with enabling legislation should be controlled so that the principle of separation of power is not totally eroded. The objective of this article is to investigate how delegated legislations (regulations and directives) are controlled by the three branches of government. In doing that, qualitative research method that includes review of literature, in-depth interview, case analysis and scrutinizing legal provisions was employed. Accordingly, 38 in-depth interviews with officials from different executive sectors at bureau level; 16 cases decided by quasi-judicial organs; 10 cases decided by regular courts; most importantly 20 proclamations, 20 regulations and 20 directives were read and examined critically. Finding of the research claims ineffective control on delegated legislations in Oromia mainly due to lack of institutionalized controlling mechanisms supported by laws; and leniency and sometimes the inability of the judiciary to exercise its judicial review power. Due to this, there are cases whereby delegated legislations become ultra virus to the primary laws thereby unduly restricting constitutionally guaranteed rights such as the right to procedural justice. Hence, the article suggests institutionalizing controlling mechanisms which are suppoted by laws, and enabling the judicial organ to effectively exercise its inherent power of judicial review as ways forward.*

***Key words**: Controlling Delegated Legislations, Delegated Legislations, Directives, Oromia, Regulations*

---

* Barruun kun qorannoowwan ILOQHQSO tiin bara 2010 gaggeeffaman keessaa gabaabbatee kan dhiyaate dha.

**LL.B (Yunivarsiitii Addis Ababaa), LL.M (Comparative Public Law & Good Governance, Yunivarsiitii Siivil Sarvisii Itoophiyaa), Qorataa Seeraa, ILOQHQSO; teessoo imeelii: bekele.teferi@yahoo.com

*** LL.B (Yunivarsiitii Haramayaa), LL.M (Law and Development, Yunivarsiitii Arsii), Qorataa Seeraa, ILOQHQSO; teessoo imeelii: wekgaridulume@yahoo.com

## 1. SEENSA

Qajeeltoon qoqqoodama aangoo dalgee jaarraa 18$^{ffaa}$ keessa hayyuu siyaasaa fi falaasamaa biyya Faransaay, maqaadhaan Monteskuu jedhamuun kan dhiyaate yoo ta'u, yaadni bu'uuraa isaas, aangoon mootummaa biyya tokkoo qaamolee mootummaa sadan: qaama seera baastuu, seera raawwachiiftuu, fi seera hiiktuu jidduutti qoqqoodamuu kan qabuu, fi qaamni mootummaa tokko hojii qaama mootummaa isa biraa keessa seenuu hin danda'u kan jedhu dha.[1] Haa ta'u malee, haala addaatiin, qajeeltoo kana irraa akka maqamuuf sababootni dirqisiisan (fakkeenyaaf, baay'achuu hojii) kan jiran yoo ta'u, bakkeewwan kun itti mul'atu keessaa tokko ammoo hojii seera baasuun kan walqabatu dha. Hojii kana hojjechuuf qaamni aangoo uumamaa (inherent power) qabu qaama seera baastuu ta'us, qaamolee mootummaa biroofis aangoon kun bakka bu'insaan kennamuu ni danda'aa; yoo kennamu garuu, daangaa aangoo bakka bu'insaa keessatti ba'uun hojiirra ooluun isaa to'atamuu qaba. To'annoon kunis akkuma haala isaatti sadarkaa wixineetti ykn ragga'uun hojiirra erga oolanii booda, qajeeltoowwan hordofamuu qaban tarreessuun sana keessa darbuu isaa hordofuu (to'annoo waliigalaa) fi qaamolee mootummaa adda addaan, keessattuu qaamolee mootummaa sadaniin akka ta'u hogbarruuwwan toora kanatti barreeffaman ni agarsiisu.[2]

Gara Itoophiyaafi Naannoo Oromiyaatti yoo dhufnu, Heerota lachuu ilaaluun barbaachisaa ta'a. Heerri Mootummaa Rippaabilika Dimokiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa caaseffama mootummaa federaalaawaa akka hordofuu fi aangoonis qaamolee mootummaa sadan (seera baastuu, seera raawwachiistuu, fi seera hiiktuu) jidduutti kan qoqqoodame ta'uu ni ibsa.[3] Heerri kun Manni Marii Bakka Bu'oota Uummataa qaama aangoo ol'aanaa mootummaa federaalaa akka ta'e ibsuun, hojii seeraa baasuus qaama kanaaf

---

[1] Separation of power: An Overview, http://www.ncsl.org/research/about-state-legislatures/separation-of-powers-an-overview.aspx <Sadaasa 5, 2010 kan ilaalame>; Qajeeltoon qoqqoodama dalgee aangoo kun Monteskuun caalaatti balballoomee kan dhiyaate yoo ta'ellee, dursa kan kalaqame garuu Joon Lookiin akka ta'e hogbarruuwwan ni ibsu (Oyelami, T.O., The *Challenges of Controlling Administrative Legislation in Nigeria*, NIALS Law and Development Journal (2010), F1 ilaalaa).

[2] Fakkeenyaaf, Oyelami, T.O., *The Challenges of Controlling Administrative Legislation in Nigeria*, NIALS Law and Development Journal (2010); Delegating Law-making Powers to the Executive, http://ldac. org.nz /assets/ documents/13.-Delegating-law-making -powers-to-the-executive.pdf, F8 ilaaluun ni danda'ama.

[3] Heera Mootummaa RDFI, kwt. 50 (2) fi kwt.1

kenneera.[4] Gama biraatiin, aangoo Manni Marii Bakka Bu'ootni Uummataa kennuuf irratti hundaa'uun qaamni raawwachiistuu (Manni Maree Ministeerotaa) dambiiwwan baasuu akka danda'u, Heerumti kun ifatti tumeera.[5] Heerri Mootummaa Naannoo Oromiyaas aangoon qaamolee mootummaa sadeen gidduutti kan qoodamu ta'uu ni tuma.[6] Bu'uura Heerichaatiin Caffeen Oromiyaa qaama mootummaa aangoo ol'aanaa mootummaa naannichaa yoo ta'u, aangoo seera baasuu, dambiilee dabalatee kan qabus qaamuma kana dha.[7] Haa ta'u malee, haala addaatiin, aangoo bakka bu'insaa Caffeen kennuuf irratti hundaa'uun qaamni raawwachiiftuu dambiiwwan baasuu akka danda'u, Heerumti kun tumeera.[8]

Qabatamaanis labsiiwwan Caffee irra dhaabbachuun dambiilee fi qajeelfamoonni adda addaa ba'aa jiru. Hanga yeroo daataan qorannoo kanaa walitti qabametti, labsiiwwan Caffee Oromiyaan labsaman lakkoofsaan **208** yommuu ta'an, dambiiwwan aangoo bakka bu'insaan ba'an ammoo **195** irra gahaniiru. Qajeelfamoonni seekteroota mootummaan ba'anii hojiirra jiranis lakkoofsi isaanii hanga kana jedhamee beekamuu baatus hedduu dha. Haa ta'u malee, dambiilee fi qajeelfamoonni Oromiyaa keessatti ba'aa jiran kunniin daangaa aangoo bakka bu'insaa seera Caffeen kennameen ba'uun isaanii bifa kamiin to'atamaa akka jiran qorannoon agarsiisu hin jiru. Kaayyoon qorannoo kanaa Oromiyaa keessatti akkaataa dambiilee fi qajeelfamootni bakka bu'insaan itti bahanii fi qaamolee mootummaa sadaniin (qaama seera baastuu, qaama seera raawwachiiftuu fi qaama seera hiiktuun) to'ataman maal akka fakkaatu sakatta'uun qaawwa seeraa fi hojimaataa jiru agarsiisuun yaada furmaataa akeekuu dha.

Kana gochuuf malli qorannoo hordofame: dursa, seerotni aangoo bakka bu'insaan ba'an seerota Caffee Oromiyaan ba'an wajjiin walsimuu fi dhiisuun isaanii bifa kamiin to'atamuu danda'u? kan jedhu qajeeltoowwan bu'uraa seera bulchiinsaa keessa jiran maalfaa akka ta'an beekuuf; akkasumas, sirni to'annoo qaamolee mootummaa sadaniin taasifamu (qaama seera baaftuu, seera raawwachiiftuu fi seera hiiktuu) maal akka fakkaatuu fi

[4] Heera Mootummaa RDFI, Kwt.55.
[5] Heera Mootummaa RDFI, kwt.77 (13).
[6] Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Kwt.46.
[7] Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Kwt.46 (1), 49 (1) fi 49 (3p).
[8] Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Kwt. 55(6).

muuxannoowwan akka addunyaatti gama kanaan jiranis maal akka ta'e bifa agarsiisuu danda'uun hogbarruuwwan sakatta'amaniiru. Muuxannoon biyyoota sakatta'amaniis Hindii, Ingiliizii, Ameerikaa, fi Naayijeeriyaa yommuu ta'an, kan filatamanis sirna bulchiinsaa hordofan (sirna mootummaa federaalawaa fi waaltawaa; fi sirna mootummaa paarlamaa fi pirezidaantummaa) jiddu-galeessa godhachuudhaani.

Itti aansuun, dambiilee fi qajeelfamoonni aangoo bakka bu'insaan tumaman kunniin Oromiyaa keessatti bifa kamiin ba'anii to'atamaa jiru kan jedhu qajeeltoowwan seera bulchiinsaa fi muuxannoowwan jiran irratti hundaa'uun hammatni heeraa, seeraa fi/ykn hojimaataa gahaa ta'e jiraachuuf dhiisuu isaa xiyyeeffannoon madaaluun qaawwa jiru adda baasuuf hooggantootaa fi ogeessota Waajjira Caffee Oromiyaa, Waajjira Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Biiroo Haqaa Oromiyaa, qaamolee raawwachiiftuu mootummaa naannoo Oromiyaa biroo amala hojii isaanii irraan kan ka'e dambiilee fi qajeelfamoota hedduu baafachuun itti hojjetu jedhamanii tilmaamamaan jahaa fi abbootii seeraa fi pirezidaantota manneen murtii naannichaa sadarkaa hundarra jiran wajjiin afgaaffiin gadi fageenya qabu (in-depth interview) soddomii-saddeet (38) gaggeeffameera; dhimmoonni qaamolee bulchiinsaa aangoo abbaa seerummaa qabaniin (quasi-judicial bodies) murtaa'an 16 fi dhimmoonni manneen murtii idileen murtaa'an 10; walumatti, dhimmoonni 26 sakatta'amuun warreen gaaffii qorannoo wajjiin hidhata qaban filatamuun xiinxalamaniiru. Akkasumas, labsiiwwan 20, dambiiwwan 20 fi qajeelfamoota 20; walumatti, seerotni 60 walbira qabamuun dubbifamaniiru.

Gaaffii qabatee ka'e deebisuuf akka tolu qorannichi kutaalee afuritti qindaa'uun dhiyaateera. Seensa kanatti aanee, kutaan lammaffaa, sirna to'annoo dambiilee fi qajeelfamoota aangoo bakka bu'insaan ba'anii ilaalchisee dhimmoota waliigalaa jiran irratti hogbarruuwwan sakatta'a. Haaluma kanaan, maalummaa seerota aangoo bakka bu'insaan ba'anii, dambiilee fi qajeelfamootni aangoo bakka bu'insaan ba'an qajeeltoowwan bu'uuraa hordofuu qabanii fi qaamoleen seerota kanneen to'achuuf aangeffaman eenyufaa akka ta'an kutaan kun hammateera. Kutaan sadaffaa, seerota aangoo bakka bu'insaan ba'an to'achuun Oromiyaa keessatti maal akka fakkaatuufi rakkoowwan qabatamaan mul'atanis maalfaa akka ta'an

adda baasuun agarsiisa. Dhuma irratti, kutaan afraffaa, yaadota gudunfaa fi furmaataa kan dhiyeessu ta'a.

## 2. SIRNA TO'ANNOO SEEROTA AANGOO BAKKA BU'INSAAN BA'ANII: SAKATTA'A HOGBARRUU FI SEEROTAA

### 2.1.MAALUMMAA SEEROTA AANGOO BAKKA BU'INSAAN BA'ANII

'Seera aangoo bakka bu'insaan ba'u'[9] kan jedhu seerota biyyoota adda addaa keessatti hiikkaan adda addaa yoo kennamuuf ni hubatama. Fakkeenyaaf, Seerri Adeemsa Falmii Bulchiinsaa Amerikaa bara 1946 ba'e kaayyoo seerri aangoo bakka bu'insaan ba'u jiddu galeessa godhaachuun, seera qaama raawwachiiftuun dhimma addaa ykn waliigalaa irratti baasu ta'ee seera ykn imaammata hojiirra oolchuuf, ykn hiikuuf; ykn hojimaataa, fi adeemsa dhaabbata tokko ibsuuf jedhee tumu jechuu akka ta'etti hiike.[10]

Hogbarruuwwan hedduu keessattis 'seera aangoo bakka bu'insaan ba'uu' jechuun maal jechuu akka ta'e yoo hiikamu: *seera qaama raawwachiiftuun seera qaama seera baasuuf aangoo uumamaa qabuun aangeffamee seera boodaa kana (seera qaama seera baastuun ba'e) hojiirra oolchuuf ykn bulchuuf baasu jechuu*[11] akka ta'etti dha.

[9] 'Aangoo bakka bu'insaan seera baasuu' kan jedhu afaan Ingiliziin, *delegated legislation, secondary legislation, subsidiary legislation, statutory instrument, administrative rule*, *subordinate legislation, administrative legislation or quasi-legislation"*gaaleewwan jedhan kan bakka bu'u dha.

[10] The American Administrative Procedure Act (APA) of 1946: *"Rule means the whole or part of an agency statement of general or particular applicability and future effect designed to implement, interpret or prescribe law or policy or describing the organization, procedure, or practice requirements of an agency …"*

[11] Dr. Ketan Govekar, Delegated Legislation in India, Kare College of Law, Margao, F1 www.grkarelawlibrary.yolasite.com/.../FM-Jul14-LT-2-Ketan.pdf <gaafa 27/2/2010 kan ilaalame>; Delegated Legislation in Nigeria: the Challenges of Control (2013/2014), F12, www.sas-space.sas.ac.uk/.../ Jemina%20 Fabiawari%20 Benson %20 LLM % 20D.. <gaafa 27/2/2010 kan ilaalame>; Oyelami T.O,The Challenges of Controlling Administrative Legislation in Nigeria(2010), FF196-197;Martin Shapiro,Judicial Delegation Doctrines: The US, Britain and France,FF173-174 www.tandfonline.com/doi/pdf/10.1080/713601590 <gaafa 27/2/2010 kan ilaalame>

Gara Itoophiyaatti yommuu dhufnu, Wixineen Adeemsa Seera Bulchiinsa Federaalaa bara 1996 ALItti wixineeffame kwt.2 (4) (10) jalatti, hiikkaa seerri Adeemsa Bulchiinsa Amerikaa olitti kenne wajjiin haala baay'ee walfakkaatuun hiikee argina. Haaluma kanaan, qaamni seerota aangoo bakka bu'insaan baasu Ejensii dha. 'Ejensii' jechuun ammoo Ejensii bulchiinsaa qaama raawwachiiftuu federaalaa ta'ee hojii to'annoo hojjetuu fi biiroo tajaajila uummataaf kennu jechuu akka ta'e wixinichumti kwt. 2 (2) (2)[12] jalatti hiikee jira.

Ibsa olii kana irraa waanti hubannu, dambiilee fi qajeelfamootnii fi hogbarruuwwan karaa adda addaa hiikkoo kan kennan ta'uu dha. Biyyoota adda addaa keessattis maqaa adda addaatiin waamamu.[13] Akka naannoo Oromiyaatti garuu, dambiilee fi qajeelfamoota maqaa jedhuun beekamu. Gabaabumatti, 'seerri aangoo bakka bu'insaan ba'u' seera qaamni seera baasuuf aangoo uumamaa hin qabne seera qamni seera baasuuf aangoo uumamaa qabu baasu kenneef irratti hundaa'uun baasu akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Qorannoo kana keessattis seerotni aangoo bakka bu'insaan ba'an dambiilee fi qajeelfamoota adda addaa aangoo bakka bu'insaa Caffeen kennu irratti hundaa'uun bahan akka ta'etti kan hubatame dha.

### 2.2. DHIMMOOTA AANGOO BAKKA BU'INSAAN SEEROTNI IRRATTI BA'ANII FI HIN BAANE (DELEGABLE & NON-DELEGABLE LEGISLATIVE POWER)

Seerotni aangoo bakka bu'insaan ba'an sababa itti ba'anii fi faayidaa mataa isaanii kan qaban yoo ta'ellee, dhimmoota hunda irratti ba'uu danda'u jechuu miti. Akka waliigalaatti, dhimmoonni imaammataa fi qajeeltoon walqabatan qaama aangoo uumamaan seera baasuuf aangoon kennameefiin ba'u.[14] Seerotni aangoo bakka bu'insaan ba'an bu'urarraan seerota aangoo

[12]Agency means an administrative agency with regulatory/supervisory power/function of the federal executive and a service rendering public office (The Draft Federal Administrative Proclamation, Art.2(2) (2)).

[13] Fakkeenyaaf, Orders in Council, Regulations, Statutory Instrument, Rules, Orders schems, Warrants fi Directions maqaawwan isaan ittiin waamamani dha (Miers DR and Page AC, Legislation, London Sweet and Maxwell (1982), P140).

[14] Delegating Law-making Powers to the Executive, F50; http://ldac.org.nz/assets/ documents/13Delegating-law-making-powers-to-the-executive.pdf <Onkoloolessa 10, 2010 kan ilaalame>.

uumamaan qaama seera baastuun ba'an hojiirra oolchuuf jecha kan ba'ani dha.[15] Dhimmoota aangoo bakka bu'insaan seerri irratti ba'uu danda'uu fi hin dandeenye tokko tokkoon tarreessanii kaa'uun salphaa ta'uu baatus, agarsiiftonni akka waliigalaatti fudhatama argatan kan jiran akka ta'e hogbarruuwwan ni ibsu. Kana akka itti aanutti gabateedhaan agarsiisuun ni danda'ama.

| ***Lak*** | ***Dhimmoota aangoo bakka bu'insaan seerri irratti hin baane (Non-delegabale Legislative power)*** | ***Dhimmoota aangoo bakka bu'insaan seerri irratti ba'uu danda'u (Delegabale Legislative power)*** |
|---|---|---|
| 1 | Dhimmoota bu'uuraa imaammataan walqabatan | Dhimmoota adeemsa sasalphaa akkaataa kaffaltiin itti raawwatu agarsiisu;qophii unka sanadoota adda addaa |
| 2 | Dhimmoota mirga namoomaa miidhuu danda'an | Tarreeffama bal'ina qabu(large lists), dhimmoota sasalphoo gabateedhaan (schedules) ibsaman |
| 3 | Dhimmoota sakatta'insaa fi qabiinsaa ykn dhaala qabeenyaa | Dhimmoota walxaxoo teekinikaawaa ta'an (technically complex matters) |
| 4 | Dhimmoota mirga ol'iyyannoo kennuu ykn jijjiiruu ilaallatan | Dhimmoota ariifachiisoo (emergencies) dafanii furmaata seeraa argachuu qaban |
| 5 | Dhimmoota yakka cimaa hundeessanii fi adabbii isaanii murteessan | Dhimmoota yeroo yeroon haaromsuu barbaadan |
| 6 | Dhimmoota taaksii kaffalchiisuu,qarshii liqeeffachuu fi qarshii uummataa baasii gochuu ilaallatan | |

[15] Akkuma lak.14[ffaa]

| | | |
|---|---|---|
| 7 | Dhimmoota seera duraan qaamni seera baasaa baasee ture akka fooyyaa'u godhu | |
| 8 | Dhimmoota seerri duubatti deebi'ee bu'aa akka qabaatu taasisu tumuu | |

*Madda: Delegating Law-making Powers to the Executive, FF50-51*

Gabatee olii kanarraa wanti hubatamu, seerri aangoo bakka bu'insaan ba'u bu'uurarraan seera qaamni seera baasuuf aangoo uumamaa qabu haala bu'a qabeessa ta'een hojiirra oolchuuf yaadamee kan ba'u ta'uu dha.Fakkeenyaaf, seerri aangoo bakka bu'insaan ba'u qaawwa seerri qaama seera baastuun ba'e qabu duuchuuf jecha, adeemsa dheeraa parlaamaan hordofu gabaabsuuf jecha, falmii siyaasaa ka'uu malu dhabamsiisuf jecha akka ba'u taasisuun sirrii miti.[16]

## 2.3.SIRNA TO'ANNOO WALIIGALAA (GENERAL CONTROLLING MECHANISMS)

Dambiileefi qajeelfamootni aangoo bakka bu'insaan ba'an akka seerota qaama seera baasuuf aangoon uumamaa kennameefii adeemsa cimaa keessa darbuu qabu jedhamee hin eegamu. Kun ammoo mirgootni namoomaa waliigalteewwan idila addunyaafi heeraan beekamtii argatanii jiran akka sarbamaniif daandii saaquu danda'a. Akkas akka hin taaneef dambiilee fi qajeelfamootni aangoo bakka bu'insaan tumaman kunniin qajeeltoowwan hordofuun irra jiraatu ni qabu. Qajeeltoowwan kunniin qajeeltoo beeksisaa (principle of notice), qajeeltoo uummata hirmaachisuu, fi qajeeltoo maxxansaa kan jedhaman yommuu ta'u, iddoo tokkotti sirna to'annoo waliigalaa (general controlling mechanisms) jedhamuun waamamuu danda'u.[17] Itti aansuun, qajeeltoowwan kanniin gabaabinaan ibsina.

### 2.3.1. Qajeeltoo Beeksisaa (Principle of Notice)

Qajeeltoon beeksisaa qajeeltoo hirmaachisummaa ittiin dhugoomsuuf gargaaramnu keessaa isa tokko yommuu ta'u, kunis malawwan lamaan

[16] Akkuma 15ffaa, F51.
[17] Akkuma 16ffaa, F8.

raawwatamuu danda'a: 1) wixinee seerichaa gaazzexaa irratti maxxansuun uummanni beekee yaada isaa akka ibsatuu gochuu fi 2) qaamni wixinee seerichaa qopheesse uummanni yaadaa fi qeeqa isaa akka kennuuf guyyaa murteessuun affeeruu dha.[18] Malawwan kana irratti hundaa'uun yaadotaa fi qeeqota seericha irratti ka'an wixinee keessatti hammachiisuun seerichi akka ba'u taasisuu dha. Seerota qajeelticha hojiirra oolchuuf gargaaran ilaalchisee biyyaa biyyatti adda addummaan ni jira. Fakkeenyaaf, biyya Hindiitti, tokkoo tokkoo seera aangoo uumamaan seera baastuun baasu (primary act) keessatti hammatamee yoo argamu, biyya Amerikaa fi Ingilizitti ammoo seera addatti of danda'een hoogganama.[19] Itoophiyaa keessattis, Wixineen Seera Adeemsa Falmii Bulchiinsaa Federaalaa qajeeltoo kanaaf boqonnaa lama, kwt. 7 jalatti beekamtii kenneera.

#### 2.3.2. Qajeeltoo Uummata Hirmaachisuu (Public Participation)

Qajeeltoon kun qaamoleen seera aangoo bakka bu'insaan ba'u ilaallatu hunduu adeemsa seericha wixineessuu keessatti hirmaachuu kan dandeessisu dha.[20] Hirmaannaa kanaanis yaadotnii fi gorsi walitti qabamuun seera ba'uuf akka galteetti kan gargaaru ta'a.[21] Kanaaf faayidaan isaa faayidaa qajeeltoo beeksisuu wajjiin hidhata guddaa qaba.Yaadni qajeeltoo kanaa, jalqabumayyuu, aangoon seera baasuu kan qaama seera baastuu dha kan jedhu dha. Qaama kana keessa ammoo qaamoleen uummata bakka bu'uu danda'an hedduun waan jiruuf fedhiin hin hammatamiin hafu hin jiraatu jedhamee tilmaamama.[22] Seerota aangoo bakka bu'insaan ba'an irratti garuu, haalli fedhiin kun hundi itti hammatamu jiraachuu dhiisuu mala. Qajeeltoon

[18] Upadhyaya, J.J.R, *Administrative law*, 6th e d., (Central Law Agency, Allahabad, India, 2006), F107 (Aron Degol and Abdulatif Kedir, *Administrative Rulemaking in Ethiopia: Normative and Institutional Framework*, Mizan Law Review (2013), Vol. 7, No.1, F9 keessattii akka ibsame).

[19] Amerikaatti, Seera Adeemsa Falmii Bulchiinsaa Amerikaa bara 1946, kutaa 4 (American Administrative Procedure Act, 1946); fi Ingilizitti, Seera Dambiilee fi qajeelfamootni itti Tumaman bara 1946 ba'een (Britain's Statutory Instrument Act 1946 ) hoogganamu.

[20] Aron Degol and Abdulatif Kedir, Olitti yaadannoo lak. 18, F11.

[21] Ralph F. Fuchs, Procedure in Administrative Rulemaking, Indiana University School of Law, 1938, F.274; Dr Sunita Zalpuri,Training Package on Administrative Law, Reading Material;http://persmin.gov.in/otraining/UNDPProject/undp_modules/Administrative%20 Law% 20N%20DLM. pdf , F37 <Onkoloolessa 13,2010 kan ilaalame>

[22] Aron Degol and Abdulatif Kedir, Olitti yaadannoo lak. 18[ffaa].

uummata hirmaachisuu kun qaawwa akkasii duuchuuf ni gargaara jedhamee yaadama. Akkuma qajeeltoo beeksisuu, hojiirra oolmaan qajeeltoo kanaas adda addummaa qaba.

Fakkeenyaaf, biyya Amerikaatti, Seerri Adeemsa Falmii Bulchiinsaa bara 1946 bahe hojiirra oolmaa qajeeltoo kanaa gadi fageenyaan tumee jira.[23] Biyya Ingiliziitti, qabatamatti, uummata hirmaachisuun kan baratame ta'us, seerri akka dirqamaatti tumee hin jiru.[24] Biyya Hindiittis, qabatamaan bal'inaan itti hojjetama; dambiilee fi qajeelfamootni akka dirqamaatti tuman garuu hunda osoo hin taane tokko tokko qofa.[25]

### 2.3.3. Qajeeltoo Maxxansaa (Principle of Publication)

Dambiilee fi qajeelfamootni aangoo bakka bu'insaan ba'an akkuma seerota qaama seera baasuun ba'anii mirgaa fi dirqama tumu. Akkas erga ta'ee ammoo hawaasa biratti beekamuu qabu. Karaa dambiilee fi qajeelfamootni kunniin ittiin beekaman keessaa tokko maxxanfamuudhaani. Qabiyyee fi bifti dambiilee fi qajeelfamootni aangoo bakka bu'insaan ba'an itti maxxanfaman adda addummaa kan qabu ta'us, maxxanfamuun hawaasa biratti beekamuu akka qaban irratti garuu mormiin hin jiru.[26] Fakkeenyaaf, biyya Hindiitti dambiilee fi qajeelfamootni tokko tokko gaazzexaa ofishaalaa irratti maxxanfamu akka qaban yoo dirqisiisan, dambiilee fi qajeelfamootni tokko tokko ammoo bifa mijataa ta'een maxxansuun akka danda'amu tumu.[27]

Akka Itoophiyaatti, Labsiin Negaarit Gaazzexaa Federaalaa Hundeessuuf Bahe Lak.3/1995, kwt. 2(2) seerotni hundi gaazzexaa kana irratti maxxanfamuu akka qaban ni tuma. Hiikkoon jecha 'seera' jedhuuf kennamu labsiiwwan mootummaa federaalaan ba'anis ta'e muuxannoowwan akka addunyaatti jiran irraa ka'uudhaan yoo ilaalamu qajeelfamootas ni dabalata. Fakkeenyaaf, Labsiin Mana Maree Federeeshinii Hundeessuu fi Gahee fi Aangoo isaanii tarreessuuf bahe seerri labsiiwwan, dambiiwwanii,fi qajeelfamoota mootummaa federaalaa fi naannoleen bahan; akkasumas,

[23] Delegating Law-making Powers to the Executive, Olitti yaadannoo lak. 14ffaa, F12.
[24] Dr Sunita Zalpuri, Olitti yaadannoo lak. 21, F37; Aron Degol and Abdulatif Kedir, Olitti yaadannoo lak.18, F12.
[25] Aron Degol and Abdulatif Kedir, Olitti yaadannoo lak. 18ffaa, F12.
[26] Dr Sunita Zalpuri, Olitti yaadannoo lak. 21ffaa, F13
[27] Aron Degol and Abdulatif Kedir, Olitti yaadannoo lak.18ffaa, F13.

waliigalteewwan idila addunyaa biyyi keenya kan raggaasifte kan dabalatu akka ta'etti hiikee jira.[28] Kanaaf, dambiilee fi qajeelfamootni aangoo bakka bu'insaan ba'an qajeeltoo maxxansaaf beekamtii kan kennan akka ta'e ni hubatama.

## 2.4. TO'ANNOO QAAMOLEE MOOTUMMAA SADANIIN TA'U

### 2.4.1. To'annoo Qaama Seera Baastuu (Parliamentary Control)

Akka seenaatti yoo ilaalamu, to'annoon seera baastuun seerota qaama raawwachiistuun bahan irratti taasifamu kan qaama seera hiikuun yoo wal bira qabame taatee yeroo dhiyooti.[29] Ta'us, gama bu'a qabeessummaa isaatiin yoo madaalamu to'annoo qaama seera hiikuun taasifamu irra fooyyee akka qabu hogbarruuwwan ni agarsisu.[30] Sababiin isaas, to'annoon seera hiiktuun raawwatamu erga miidhaan gahee fi qaamni miidhame gara mana murtiitti dhimmicha yoo dhiyeesse qofa yoo ta'u; kan seera baastuun gaggeeffamu garuu osoo miidhaan hin gahiinis raawwatamuu kan danda'uu fi mirga hawaaasa waliigalaa kan eegsisu waan ta'eefi dha. Qaamni seera baasu haala lamaan seerota bakka bu'insaan bahan to'ata.[31] Inni duraa fi bu'a qabeessi, daangaa aangoo qaamni raawwachiistuu keessatti seera baasuu danda'u tumaa seeraan daangessuun yommuu ta'u, inni biraan ammoo koreetti fayyadamuu dha. Tokko tokkoon haa ilaallu.

#### A) Ifa Taasisuun Kennuu

Barreessaan tokko barbaachisummaa seeraan ifatti daangessanii aangoo bakka bu'insaa kennuu haala armaan gadiin ibseera:

---

[28] Fakkeenyaaf, Labsii Mana Maree Federeeshinii Hundeessuu fi Aangoo fi Hojii Isaa Tarreessuuf Bahe, Labsii Lak.251/2001, Kwt.2 (2).

[29]Delegated Legislation, Historical Perspective House of Commons https://www.Our commons.ca/Marleau_Montpetit/DocumentViewer.aspx?DocId=1001&Language= E& Print =2& Sec=Ch17&Seq=0 <Sadaasa 15, 2010 kan ilaalame>.

[30] Bharat Singh, Technology Lawyer, Author of Entrepreneur, Effectiveness of Parliamentary Control Over Delegated Legislation (2016), https://www.linkedin.com/pulse/effectiveness-parliamentary-control-over-delegated-bharat-kumar-singh/ accessed on 11/8/17<Sadaasa 15,2010 kan ilaalame>.

[31] Oyelami, T.O., Olitti yaadannoo lak. 1[ffaa], F202

> *"One of the most effective controls is for Parliament in the first place to carefully spell out the limits of the delegate's law making powers so that there can be no doubt when the delegate is exceeding his powers. If the provisions in the enabling legislations that set out the powers of the delegates are vague or ambiguous, then the limits of the powers of the delegate will be unclear and control over the exercise of these powers will be made more difficult."*[32]

Kana irraa kan hubatamu, tooftaan gaarii seera baastuun seerota aangoo bakka bu'insaan bahan haala bu'a qabeessa ta'een to'atu yeroo aangessu wanta raawwatamuu qabu ifa taasisuun akka ta'e dha. Dhimmoota qaamni raawwachiistuu irratti seera baasuu danda'u ifatti teechisuun bu'uura sanaan bahuu fi bahuu dhabuu seerota bakka bu'insaan bahanii qaamni aangoo isaa kenne haala salphaan to'achuu dandeessisa. Gama kanaan biyyi Hindii muuxannoo gaarii qabdi. Achitti, keewwata aangoo bakka bu'insaa kennu (delegative clause) irratti Paarlaamaan yeroo gaaffii (question hour) addaa kennuun ifa ta'uu fi dhiisuu keewwatichaa qulqulleefata.[33] Tooftaan kun biyya Jarmanittis sirriitti beekamaa dha. Seerri Bu'uuraa (Heerri Mootummaa) Biyya Jarman kwt. 80 (1) jalatti qabiyyeen (content), kaayyoo (purpose) fi daangaan (scope) aangoo bakka bu'insaa kennamu seerumaan ifatti adda ba'ee beekamuu akka qabu tumeera.[34] Biyya Ingiliz keessattis paarlaamaan seera qaamni raawwachiistuu baasu san to'achuu akka danda'u asumaa achi seeruma aangoo bakka bu'insaa kennu keessatti ni tumu.[35]

---

[32] Marume, S. B. M. *etal*, Subsidiary Legislation as a Vital Component of Administrative Law (2016), Vol.4(1), 2014–2017.

[33] Aron Degol and Abdulatif Kedir, Olitti yaadannoo lak.18[ffaa], F14.

[34] Jechoonni sadan kunniin adda adda ba'anii kan ilaalaman osoo hin taane, inni tokko isa biraa hubachiisuu kan danda'u dha. Fakkeenyaaf, kaayyoo (purpose) aangoo bakka bu'insaa irra dhaabbachuun qabiyyee fi daangaa beekuun ni danda'ama (*Gadi fageenyaaf, Delegation of Legislative Power to Agencies: A Comparative Analysis of United States and Germany Law, Administrative Law Review (Spring 1994), F232 ilaaluun ni danda'ama*).

[35] Beatson, Jack, *Legislative Control of Administrative Rulemaking: Lessons from the British Experience,* Cornell International Law Journal (1979), Vol.12 (2), Article 3; available at: http://scholarship.law.cornell.edu/ cilj/ vol 12/ iss2/3 <Sadaasa 30, 2010 kan ilaalame>.

### B) Koree Hundeessuun Itti Fayyadamuu

Karaan lammaffaa seera baastuun seerota bakka bu'insaan bahan itti to'atu koree (committee) hundeessuuni dha.[36] Bu'uura kanaan, koreen qaama seera baasuun hundaa'e seerotni aangoo bakka bu'insaan bahan aangoo kennameef keessatti bahuu fi bahuu dhabuu isaanii sakatta'uun dhimmicha qaama seera baasuuf dhiyeessa. Seera baastuunis yaada koree dhiyeesseef irraa ka'uun seerri bahe angoo kennameefii ol (ultra vires) kan bahe yoo ta'e seericha haquu ni danda'a. Koreen paarlaamaan hundaa'u kun seerotni aangoo bakka bu'insaan bahan (sadarkaa wixineetti fi/ykn erga bahanii hojiirra oolanii booda) seera paarlaamaan baase waliin walsimuu fi simuu dhabuu ni sakatta'u. Sirni koreetti fayyadamuu kun biyyoota Ingiliz fi Hindii keessatti baay'ee beekamaa fi bal'inaan dhimma kan itti bahamu dha.[37]

Akkuma biyyoota sirna bulchiinsa paarlaamaa hordofanii biyyoota sirna pirezidaantummaa hordofan keessattis to'annoon qaama seera baasuun seerota bakka bu'insaan bahan irratti taasifamu raawwatamummaa ni qaba.[38] Fakkeenyaaf, biyya Amerikaatti, dambiileefi qajeelfamootni qaama raawwachiistuun bahan daangaa aangoo kennameefii keessatti ta'uu isaa bal'inaan kan to'atu seera hiiktuu ta'us, seera baastuun biyyichaa akka hojii to'annoo qaama seera raawwachiisu irratti gaggeeffamuutti kallattiin abbaa aangoo, ministeerota adda addaa seerota qaama seera baasuun bahan raawwachiisan qorachuuf aangeffameera.[39] Waan ta'eefuu, qaamni seera baasu seerota qaama raawwachiistuun bahan irratti to'annoo taasisuuf aangoo kan qabu ta'uu isaati. Naayijeeriyaa keessattis qaamni seera baasu dhimmoota qaamni raawwachiistuu seerota irratti baasuu danda'u haala ifa ta'een gad-fageenyaan tarreessa.[40] Fakkeenyaaf, labsiiwwan *'Emergency Power Act 1964* fi *Fire Arm Act 1958*' keessatti dhimmoota qaama raawwachiistuun irratti

---

[36] Marume, S. B. M. *etal*, Olitti yaadannoo lak.32[ffaa].

[37] Akkaataa koreetti fayyadamuun biyyi Ingiliz fi Hindii seerota aangoo bakka bu'insaan bahan itti to'atan caalaatti hubachuuf walduraa duubaan: Beatson, Jack, Olitti yaadannoo lak.35; Factsheet L7 Legislative Series Revised May 2008, Statutory Instruments House of Commons Information Office Factsheet L7 fi DR. YOGENDRA NARAIN (2005),RAJYA SABHA PRACTICE & PROCEDURE SERIES, F. No. RS. 17/5/2005-R & L Series, COMMITTEE ON SUBORDINATE LEGISLATION ilaaluu dandeessu.

[38] Oyelami, T.O., Olitti yaadannoo lak. 1[ffaa]

[39] Akkuma lak. 38[ffaa]

[40] Jemina Fabiawari Benson, Delegated Legisltaion in Nigeria: The Challenges of Control (2014).

dambii baasuu danda'an tarreeffameera. Kana jechuun, qaamni dambii akka baasuuf aangeffame sun dhimmoota labsichaan tarreeffaman qofa irratti kan daanga'u ta'a jechuu dha. Akkasumas, dambiilee fi qajeelfamootni aangoo bakka bu'insaan bahan hunda ta'uu baatanis hedduun isaanii qaama seera baasu duratti ni dhiyaatu.[41]

### 2.4.2. To'annoo Qaama Seera Hiiktuu (Judicial Control)

Seera hiiktuun miidhawwan aangoo humnaa ol fayyadamuu qaama raawwachiistuun[42] lammiilee irra gahu hambisuuf; akkasumas, aangoo seera baasuu qaama raawwachiistuu to'achuu irratti gahee olaanaa qaba.[43] Manni murtii eegduu mirgaa fi bilisummaa lammiilee waan ta'eef, dambiilee fi qajeelfamootni bakka bu'insaan bahan mirga lammiilee kan miidhan yoo ta'e heeraa fi seerota seerichi akka bahuuf aangessan waliin wal bira qabuun raawwatamummaa akka hin qabaanne murteessuu ni danda'a. To'annaa manni murtii haala kanaan seerota qaamni raawwachiistuu baasu irratti taasisu 'judicial review' jedhama.[44] Dambiilee fi qajeelfamootni aangoo bakka bu'insaan bahan sirrii ta'uuf ulaagaawwan hedduu guutuu qaba.[45] Fakeenyaaf, adeemsa dambiilee fi qajeelfamootni aangoo bakka bu'insaan bahan keessa darban keessa darbuu; seerota waliigalaan wal simuu; daangaa aangoo seeraan kenname keessatti kan bahe ta'uu barbaachisa.  Kana yoo hin taane, namni kamiyyuu seericha irratti mormii kaasuu danda'a.[46] Manni murtiis seerichi aangoo kennameen olitti bahe (ultra vires) jechuun fudhatama dhabsiisuu ni danda'a.

Tooftaan to'annoo isaanii biyyaa gara biyyaatti garaagarummaa haa qabaatu malee, biyyoota adda addaa keessatti seera hiiktuun seerota aangoo bakka bu'insaan bahan irratti to'annoo ni taasisa. Amerikaa keessatti yaadama manni murtii murtiiwwan qaama raawwachiistuun raawwataman irra deebiin ilaaluurratti daangaan hin jiru jedhutu jira.[47] Manni Murtii Waliigalaa

---

[41] Factsheet L7 Legislative Series Revised, Olitti yaadannoo lak. 37 ffaa.

[42] Poverty, F *etal*., Judicial Control over Administration and Protect the Citizen' s Rights: An Analytical Overview (2017).

[43] Aron Degol and Abdulatif Kedir, Olitti yaadannoo lak.. 18ffaa.

[44] Vivian C. Madu, Judicial Review of Legislation, F1.

[45] Marume, S. *etal*, Olitti yaadannoo lak.. 32ffaa.

[46] Sabti, S. *etal,* A comparative Study of Delegated Legislation: With Special Reference to United States of America and United Kingdom (2017). Vol.*3* (3), FF 70–74.

[47] Poverty, F. *etal*, Olitti yaadannoo lak.. 42ffaa.

Amerikaas kanuma bifa mirkaneessuun manneen murtii ol'aanoo federaalaa biyyichaa seerota koongireesiin bahanillee heerawummaa isaanii mirkaneessuuf dirqama akka qaban ibseera.[48] Biyyicha keessatti manneen murtii seerota qaama raawwachiistuun bahan irratti to'annoo taasisuunis ni beekamu. Haaluma kanaan, Manni Murtii Waliigalaa Amerikaa bara 2010 keessa seerota Kongiresiin biyyattii baase 163 heerawaa miti jechuun murteesseera.[49]

Naayijeeriyaa keessattis seerota qaama raawwachiistuun bahan to'achuu keessatti manni murtii gahee guddaa qaba.[50] Aangoon to'annoo gama mana murtiin taasifamu kunis bara 1962 yeroo labsiin 'Emergency Power Act' pirezidaantii biyyattii seerota qaama seeraa baasuun bahan fooyyessuu, akka hojiirra hin oolle tursuu fi haquuf aangessu baaseen qoramee ilaalame. Manni murtiis seerri akkasii kun bu'uura seeraa akka hin qabne murteessuun seerota qaama raawwachiistuun bahan to'achuu akka danda'u mirkaneesse.[51]

Biyya Hindii keessattis, manni murtii seerota qaama raawwachiistuun bahan irratti to'annoo ni taasisa. Fakkeenyaaf, dhimma '*Municipal Corporation of Delhi v. Birla Cotton Mills*' irratti manni murtii qaamni seera baasu bakka bu'iinsa yeroo kennu qajeeltoo qaamni sun baasu ibsuun ta'uu akka qabu ibseera.[52] Kana irraa manni murtii dambiilee fi qajeelfamootni qaama raawwachiistuun bahan akka feetee akka hin taaneef daangaa aangoo isaan keessatti baasan ibsamuu akka qabuu fi yoo daangaa aangoo kennameefii keessatti hin baane ta'e ammoo manni murtii seera san fudhatama dhabsiisuu kan danda'u ta'uu hubachuun ni danda'ama.

Gara biyya Ingilizittis yoo dhufnu, manneen murtii seerota aangoo bakka bu'insaan bahan irratti to'annoo ni taasisa.[53] Manni murtii Ingiliiz sirrummaa

---

[48] Marume, S. *etal*, Olitti yaadannoo lak.. 32[ffaa].
[49] Poverty, F. *etal*, Olitti yaadannoo lak. 42[ffaa].
[50] Jemina Fabiawari Benson, Olitti yaadannoo lak.. 40[ffaa]. It is said in Nigeria, as the country does not really have in place an adequate system of legislative scrutiny of delegated legislation. What seems to be relied on here is judicial control which is not enough because, decisions that are made under judicial review seem to affect only parties to it as against Parliamentary scrutiny that cuts across the whole society.
[51] Jemina Fabiawari Benson, Olitti yaadannoo lak. 40[ffaa].
[52] Akkuma 51[ffaa].
[53] Beatson, Jack, Olitti yaadannoo lak. 35[ffaa].

seerota aangoo bakka bu'insaan bahanii bu'uura seera aangeessee (enabling act) tiin ilaalee, yoo aangoo kennameefiin ol ta'e seerichi guutummaa guutuun yookiin gar-tokkeen akka hojiirra hin oolle murteessuu ni danda'a.[54]

### 2.4.3. To'annoo Qaama Raawwachiistuu (Executive Control)

Qaamni seera raawwachiisuus aangoo bakka bu'insaan seeraa baasuu qaama seeraa baasuun kennameef bu'uura aangoo kennameefiin raawwatamuu isaa mirkaneeffachuuf ni hojjeta.[55] Sababiin isaas, daangaa aangoo kennameefii keessatti kan hin raawwatamne yoo ta'e, inni aangoo kenne seera bakka bu'insaan bahe san raawwatamummaa akka hin qabaanne taasisuu waan danda'uufi dha. Biyya Ingiliiz keessatti, qaamni raawwachiistuu aangoo isaatiin ala bahee akka hin raawwanne koree kaabinee hundeessuun to'annoo taasisa. Hojii kanaafis koreen dhimma seeraa (legislative committee) jedhamu kan hundaa'e yoo ta'u, koreen kunis dambiilee fi qajeelfamootni aangoo bakka bu'insaan bahan bu'uura seera aangesseen kan bahe ta'uu isaa mirkaneessuuf itti gaafatamummaa qaba.[56] Naayijeeriyaa keessattis sirnoota to'annoo jiran keessaa kan qaama raawwachiistuun raawwatamu isa tokko.[57]

## 3. SIRNA TO'ANNOO SEEROTA AANGOO BAKKA BU'UMMAAN BA'ANII: AKKA NAANNOO OROMIYAATTI

Hog-barruuwwan kutaa lammaffaa jalatti ilaalaman, seerota jiranii fi daataawwan bifa adda addaan walitti qabaman ka'umsa godhachuun, sirni to'annoo dambiilee fi qajeelfamoota Oromiyaa keessaatti bahanii maal akka fakkaatuu fi rakkoowwan kanaan walqabatanii jiran kutaa kana jalatti xiinxalameera. Kutaan kun xiinxalaaf akka tolutti kutaalee xixiqqaa sadiitti qoodamuun dhiyaateera. Kutaan xiqqaa duraa, gama to'annoo waliigalaan, yoo ilaalamu maal akka fakkaatu xiixale. Kutaan xiqqaa lammataa, gama qaamolee mootummaa sadaniitiin to'annoon dambiilee fi qajeelfamoota irratti

---

[54] Sabti, S.*etal* , Olitti yaadannoo lak.. 46[ffaa].
[55] Oyelami, T.O., Olitti yaadannoo lak..1[ffaa] .
[56] Akkuma 55[ffaa].
[57] "Executive Control is another form of control that exists in Nigeria. The executives are always conscious of the fact that the law makers can always withdraw the delegated powers that they have conferred as such there are some level of control that it imposes on itself in the exercise of these powers in order not to be embarrassed by the exercise of parliamentary powers over its regulations." (Jemina Fabiawari Benson, Olitti yaadannoo lak. 40[ffaa.])


taasifamu qabatamatti maal akka fakkaatu xiinxale. Kutaan xiqqaa sadaffaa, hanqina to'annoo dambiilee fi qajeelfamootaa irraa ka'uun rakkoowwan qabatamatti mul'ataa jiran maal fa'a akka ta'an sakatta'eera.

## 3.1. To'annoo Waliigalaa

Kutaa kana jalatti, Oromiyaa keessatti, dambiilee fi qajeelfamoonni aangoo bakka bu'insaan ba'an ija to'annoo waliigalaatiin yoo madaalaman maal akka fakkaatantuu xiinxalame. Xiinxalicha qixa sirriin gaggeessuuf akka tolu ammoo adeemsa qophii isaanii beekuun barbaachisaa dha. Waan ta'eefuu, adeemsa qophii dambiilee fi qajeelfamootaa adda adda baasuun akka armaan gadiitti haa ilaallu.

### 3.1.1. Adeemsa Qophii Dambiilee

Dambiin Hojimaata Mana Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak.131/2003, kwt.15 irratti adeemsa dambiileen naannicha keessatti bahan keessa darban tarreesseera. Haaluma kanaan,


1) Qaamni wixineen seeraa akka qophaa'u yaada burqisiise,duraan dursee,barbaachisummaa fi kallattii isaa irratti Pirezidaantii wajjiin mariyachuu qaba
2) Qophii wixinee seeraaf qorannoo barbaachisu gaggeessuu
3) Qorannoo irratti hundaa'uun seera wixineessuu
4) Qaamni wixinicha qopheesse qorannoo wixinicha qopheessuuf gaggeeffame wajjiin Biiroo Haqaaf dhiyeessuun ogummaa seeraatiin ilaalamee irratti mari'atamuun sirreeffamni barbaachisaa ta'e ni taasifama
5) Wixineen akkaataa olitti sirreeffame qo'annoo gaggeeffamee fi yaadota falmisiisaa fi murtii barbaadan haala agarsiisuu danda'uun qophaa'ee xalayaadhaan waajjira Pirezidaantiif ni dhiyaata
6) Dameen seeraa waajjira Pirezidaantii qaama wixinee qopheessee fi Biiroo Haqaa Oromiyaa waliin ta'uun ni ilaala.
7) Ilaalee barbaachisaa ta'ee yoo argame qaamota biroo dhimmi ilaalu wajjiin marii gaggeessuun wixineen akka gabbatu ni taasifama
8) Wixineen haala kanaan damee seeraatiin erga illaalamee booda,Mana Mariif ni dhiyaata

Kunis adeemsa dambiileen keessa darbuun ba'an ilaalchisee uwwisi seeraa kan jiru ta'uu agarsiisa. Seerri kun qajeeltoowwan jiran keessaa hirmaachisummaaf uwwisa kenneera. Sababni isaa, fakkeenyaaf, kwt.15 (2) (b) jalatti, qaamni wixinee seeraa qopheesse qo'annoo wixinicha qopheessuuf gaggeeffame wajjiin irratti mari'atamuun sirreeffamni barbaachisaa ta'e erga taasifameen booda ta'uu akka qabu tumameera. Wixineen qorannoo jira taanaan ammoo qaamotni dhimmi ilaallatu irratti waan mari'atuuf hirmaachisummaan ni jira jedhamee tilmaamama. Dabalataan, dambuma kana kwt.17 (a) jalatti, dhimmi murtee barbaachisu kamiyyuu osoo mana mariif hin dhiyaatiin dura, manneen hojii dhimmi ilaalu, federaala, naannolee biraa dabalatee yoo barbaachisaa ta'ee argames yaada hawaasichaa argachuudhaan yaada kanniin jiddu galeessa kan godhate dhiyeessuun dirqama mana hojii mootummaa dhimmicha dhiyeessuu akka ta'u tumameera. Dhimmoota murtee barbaadan keessaa tokko ammoo dhimma aangoo bakka bu'insaan seera baasuu akka ta'e beekamaa dha. Kanaaf, dambichi qajeeltoo hirmaachisummaa uummataa kan hammate akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

Qajeeltoo maxxansuu ilaalchisee garuu calliseera. Ta'us, akka Naannoo Oromiyaatti, gaazzexaan seerotni irratti maxxanfaman *Magalata Oromiyaa* akka ta'e beekamaa dha. Akka Labsii Magalata Oromiyaa Irra Deebiidhaan Hundeessuuf Bahe, Lak 186/2006 tti, dhimmootni gaazzexaa kana irratti maxxanfaman Labsii, Dambii, Waliigalteewwan Mootummaa Naannichaan taasifamanii Caffeedhaan ragga'anii, fi seera naannichaa kamiyyuu dha.[58] Tarreeffamni keewwata kanaa guutummaatti duguugamee kan hin dhiyaanne akka ta'e *"...seera naannichaa kamiyyuu dha"* kan jedhu irraa ni hubatama. Hiikkoowwan labsii biroo keessatti tumamanis, seera jechuun labsii, dambii, fi qajeelfamoota Caffee fi qaamolee aangoon kennameef birootiin bahan jechuu akka ta'etti hiikuun yaaduma kana kan cimsani dha.[59] Kanaafuu, qajeeltoon maxxansuu uwwisa seeraa akka qabu hubachuun ni danda'ama.

[58] Labsii Magalata Oromiyaa Irra Deebiidhaan Hundeessuuf Bahe, Lak 186/2006, Kwt.3 (1).
[59] Fakkeenyaaf, Labsii Koomishinii Hiikaa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Kwt. 2(7), Labsii Gumii Calaltuu Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuu, Angoo fi Hojimaatasaa Murteessuuf Bahe, Lak.168/ 2003, Kwt.2(7) fi Labsii Waajjira Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Hundeessuuf Bahe Lak.191/ 2007, Kwt.2(8).

Dambichi qajeeltoo beeksisuuf (principle of notice) garuu uwwisa hin kennine. Waan ta'eefuu, adeemsa qophii dambiilee Oromiyaa ilaalchisee uwwisni seeraa kan jiru ta'us, ija to'annoo waliigalaatiin yoo madaalamu garuu gahaa dha jechuun hin danda'amu.

Qajeeltoo hirmaachisummaa dambichi beekamtii kenne hojiirra oolchuun walqabatee qabatamaan hanqinatu jira. Kun, fakkeenyaaf, qorannoon dambiilee baasuuf gaggeeffamu bilchinaan gaggeeffamuu dhabuu, qaamolee dhimmi ilaallatu waliin marii bilchina qabu taasisuu dhabuu, yaadota marii irratti dhiyaatan fudhachuun hammachiisuu dhabuu, fi kkf fa'i.[60]

Ija qajeeltoo maxxansaatiin (principle of publication) yoo ilaallu, gama hammata seeraatiin qaawwi jiraachuu baatus, maxxansa dabiileen walqabatee qabatamaan hanqinni ni jira. Hundaa ol, qaamni abbummaan dambiilee maxxansuuf seeraan aangeffame eenyu akka ta'e hanga bara 2009 ALItti hin beekamu ture.[61] Biiroon Haqaa Oromiyaas (amma mana hojiii Abbaa Alanagaa Waliigalaa) maxxansaa fi jiildessaa kan ture seeraan aangeffamee osoo hin taane, itti siqeenyuma seerotaaf qabu irraa ka'ee akka ta'e afgaaffii gaggeeffame irraa ni hubatama.[62] Waan ta'eefuu, baajata hojii kanaaf barbaachisu ramaduun xiyyeeffannoon hojjechuu irratti hanqinni jiru bal'aa dha.[63] Kun ammoo dambiilee ba'an maxxansuun dhaqqabamaa taasisuu irratti rakkoo fideera. Rawwiin gama maxxansa dambiileen jirus hanga qorannoon kun gaggeeffametti meeqa akka ta'e adda bahees sirriitti hin beekamu.[64] Haa ta'u malee, dambiilee 195 hanga yoonaatti ba'an keessaa kan maxxanfaman 72 kan hin caalle ta'uuti tilmaama.[65] Kun dhibbeentaan yoo shallagamu % 36.73 qofa waan ta'uuf, raawwiin jiru gadi bu'aa ta'uu namatti agarsiisa.

---

[60] Afgaaffii Ob. Addisuu Laggaas, Gorsaa Ol'aanaa Dhimmoota Seera,Waajjira Pirezidaantii waliin gaafa 17/2/2010 gaggeeffame.

[61] Bara 2009 irraa eegalee Hojiin kun abbummaan Caffee Oromiyaatiif kennamee jira.

[62]Afgaaffii Ob. Isaa Booruu, Dura-taa'aa Koree Dhaabbii Dhimmoota Seeraa fi Bulchiinsa Caffee Oromiyaa waliin gaafa 14/7/2010 gaggeeffame.

[63] Afgaaffii Ob. Addisuu Laggaas, Olitti yaadannoo lak. 60[ffaa]

[64] Beatson, Jack, Olitti yaadannoo lak.. 35[ffaa].

[65] Af-gaaffii Hajii Arsee,Gaggeessaa Adeemsa Hojii Ijoo Qorannoofi Qophii Wixinee Seeraa, Biiroo Haqaa Oromiyaa waliin gaafa 17/2/2010 gaggeeffame.

### 3.1.2. Adeemsa Qophii Qajeelfamootaa

Akka waliigalaatti, manneen hojii qorannoo kanaaf filataman hundi[66] qajeelfamoota hojii isaanii ittiin gaggeessan ni qabu.[67] Adeemsa qajeelfamoonni ittiin ba'an ilaalchisee seerri ifatti tumame hin jiru. Sekteroonni sakatta'amanis kana irratti qajeelfama ykn maanuwaalii ifa ta'e barreeffamaan qopheeffatanii hin qabani. Kana irraan kan ka'e adeemsa qophii qajeelfamootaa ilaalchisee qabatamatti adda addummaan seekteroota jidduutti ni mul'ata. Biiroleen tokko tokko qajeelfama bahuuf yaadame irratti karaa manaajimentiin hordoffii cimaa kan gaggeessan yoo ta'u; isaan kaan ammoo, koree hundaa'een akka hojjetamuuf dhiisu.[68] Biiroon wixinee qajeelfama mana hojii irratti qaamni biraa akka yaada kennuuf gaafatus ni jira. Fakkeenyaf, Abbaan Taayitaa Galiiwwan Oromiyaa fi Biiroon Paabilik Sarvisii fi Misooma Qabeenya Namaa Oromiyaa qajeelfamoota kan baafatu adeemsa akkasii hordofuudhani.[69]

Qaphxiin xiinxala barbaadu, *adeemsi qophii baratamaan jiru kun ija qajeeltoowwan seerotni aangoo bakka bu'insaan ba'aniin yoo madaalamu, attamitti ilaalamuu danda'a?* kan jedhu dha. Qajeeltoon beeksisuu seeraan

---

[66] Manneen hojii kunniin Waajjira Caffee, Waajjira Pirezidaantii,Manneen Murtii Oromiyaa, Biiroo Haqaa Oromiyaa, Biiroo Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafaa Baadiyaa, Abbaa Taayitaa Galiiwwan Oromiyaa,Biiroo Paabilik Sarvisii fi Misooma Qabeenya Namaa,Biiroo Daldalaa fi Misooma Gabaa, Biiroo Misooma Magaalaa fi Manneenii Oromiyaa, fi Koomishinii Investimentii Oromiyaa dha.

[67] Fakkeenyaaf, Caffeen qajeelfamoota digdama(20), Biiroon Haqaa Oromiyaa qajeelfamoota kudhan (10), Biiroon Misooma Magaalaa fi Manneen Oromiyaa qajeelfamoota kudha-sagal (19), Biiroon Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyaa qajeelfamoota saddeet (8) baafatanii itti hojjechaa akka jiran afgaaffii gaggeeffame irraa hubachuun danda'ameera.

[68] Fakkeenyaaf Manaajimentiin Biiroon Itti Fayyadama Lafa Badiyyaaa Oromiyaa, wixinee qopheessuuf sakatta'insi akka gaggeeffamu kallattii ni kaa'a; argannoo sakatta'insichaa madaaluun sana irratti hundaa'uun qajeelfamni akka wixineeffamu kallattii ni kaa'a, wixinee dhiyaate ilaalee fooyyaa'insi barbaachisu akka ta'u kallattii ni kaa'a, hirmaattota wixinee qajeelfamichaa yaadaan gabbisuu qaban adda ni baasa, wixinichi yaadaan gabbatee dhiyaachuu isaa ni qorata, dhuma irrattis ni raggaasisa. Fakkenyaaf, kan akka Biiroowwan akka: Abbaan Taayitaa Galiiwwan Oromiyaa fi Biiroon Paabilik Sarvisii fi Misooma Qabeenya Namaa Oromiyaa yoo fudhanne qajeelfamoota kan baafatanu kallattii manaajimentiin ta'een qajeelfa barbaadame koreen hundaa'e qopheessuun erga dhiyeessee irratti mari'atanii mirkaneessuudha.

[69] Ob. Gammadaa Waariyaa, A/Alangaa Abbaa Taayitaa Galiiwwan Oromiyaa fi Ob. Heenook Kabbaboo,Ogeessa Seeraa Abbaa Taayitaa Galiiwwan Oromiyaa, waliin gaafa 8/5/2010 gaggeeffame; Ob. Silashii Fiqaaduu, Walitti Qabaa Abbootii Seeraa Mana Murtii Bulchiinsaa Biiroo Paabilik Sarvisii fi Bulchiinsa Gaarii Oromiyaa waliin gaafa 22/6/2010 gaggeeffame.

uwwisa hin arganne. Baratamni isaas hin jiru waan ta'eef xiinxala addaa osoo hin barbaachisiin gabaabumatti bira darbuu dandeenya.

Qajeeltoon uummata hirmaachisuus seeraan beekamtii hin arganne. Kana jechuus kan nu dandeessisu, Dambiin Lak.131/2003, kwt.15 jiddu galeessa kan godhate seerota Mana Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaaf dhiyaatan yoo ta'u; qajeelfamootni hedduun garuu Mana Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa bira osoo hin ga'iin sadarkuma mana hojiitti waan ba'aniif, Dambiin Lak. 131/2003, kwt 15 isaan irrattis raawwatinsa ni qabaata jechuun hin danda'amu. Kunis qajeelfamoota ilaalchisee uwwisni seeraa qajeeltoo uummata hirmaachisuuf ifatti kenname kan hin jirre ta'uu dha. Qabatamaanis, adeemsa qophii qajeelfamootaa keessatti uummata hirmaachisuun baay'ee hin baratamne. Dhimmi qajeelfamni irratti ba'u xiyyeeffannaa uummataa addatti kan qabuu (fakkeenyaaf, kan akka lafa magaalaa) fi hojiirra oolmaan isaas deeggersa qaamolee adda addaa kan barbaadu yoo ta'een alatti mariin irratti hin taasifamu.[70] Inniyyuu, hooggantootaa fi eksipertootaa qajeelfamicha kallattiin hojiirra oolchan qofa irratti kan daanga'e dha malee uummata bal'aa kan dabalatu miti.[71] Waan ta'eefuu, adeemsa qophii qajeelfamootaa ilaalchisee qajeeltoon hirmaachisummaa bal'inaan hin jiru; yoo jiraates uummata bal'aa waan hin dabalanneef baay'ee daanga'aa dha.

Qajeeltoon maxxansuu uwwisa seeraa ni qaba. Haa ta'u malee, qabatamatti, qajeelfamoonni Gaazzexaa Magalaataa Oromiyaa irratti maxxanfamaa hin jiran. Gaazzexaa Magalaataa irratti maxxansuun haa hafuutii lakkoofsa itti kennuun toora galchanii qabachuu irratti hanqinni jiru salphaa miti. Hanga qajeelfamoota bahanii illee beekuun rakkisaadha. Fakkeenyaaf, akka waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti qajeelfamootaaf lakkoofsa kennuun tartiibessuun kan jalqabe bara 2004 irraa eegaleeti.[72] Akka Biiroo Paabilik Sarvisii fi Misooma Qabeenya Namaattis qajeelfamootaaf lakkoofsi kennamuu kan jalqabe bara 2008 irraa eegalee ti.[73]

[70] Afgaaffii ob. Jamaal Usmaan, Itti Gaafatamaa Kutaa Seeraa, Biiroo Misooma Magaalaa fi Manneenii Oromiyaa, 17/5/2010 fi Ob. Addisuu Laggaas, Olitti yaadannoo lak. 60[ffaa] .
[71] Ob. Addisuu Laggaas, Olitti yaadannoo lak. 60[ffaa].
[72] Ob. Addisuu Laggaas, Akkuma 71[ffaa].
[73] Afgaaffii Ob. Silashii Fiqaaduu, Walitti Qabaa Abbootii Seeraa Mana Murtii Bulchiinsaa Biiroo Paabilik Sarvisii fi Bulchiinsa Gaarii Oromiyaa, 22/6/2010.

## 3.2. TO'ANNOO QAAMOLEE MOOTUMMAAN GODHAMU

### 3.2.1. To'annoo Qaama Seera Baasaan (Caffeen) Ta'u

Muuxannoowwan kan agarsiisan seera baastuun tooftawwan lamatti fayyadamuun dambiilee fi qajeelfamoota bakka bu'insaan bahan akka to'atu dha. Inni duraa, durumaan aangoo bakka bu'insaa ifa taasisee kennuu; fi inni lammataa, sirna koree hundeessuun to'annoo gaggeessuu dha. Kutaa kana jalatti, to'annoon Caffee Oromiyaan taasifamaa jiru ija kanaan yoo ilaalamu maal akka fakkaatu tokko tokkoon xiinxalameera.

#### A) Tooftaa Aangoo Bakka Bu'insaa Ifa Taasisuun Kennuu

Aangoon bakka bu'insaa ifa ta'ee kennamuu qaba yommuu jedhamu, qaamni seera akka tumuuf aangoo bakka bu'insaa argate maal irratti seera tumuuf akka aangeffame sirriitti beekuun daangaa aangoo kennameef keessatti seera baasuu danda'uu qaba yaada jedhu agarsiisa.[74] Caffeen Oromiyaa haala sadiin aangoo bakka bu'insaa kenna. Tokkoffaa, bifuma waliigala ta'een keewwata tokkoon labsicha raawwachiisuuf Manni Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa dambii baasuu akka danda'u tumuu dha.[75] Lammaffaa, dhimmoota labsichaan uwwifaman keessaa dambiin dhimmoota adda ba'an qofa irratti kan tumamu akka ta'e keewwata-keewwataan adda baasee

[74] Delegated Legislation Text Book Notes, F29

[75] Fakkeenyaaf, Labsii Dhaabbilee Misoomaa Naannoo Oromiyaa Lak.181/2005, Kwt.41 'Manni Maree Bulchiinsaa Labsii kana raawwachiisuuf dambii baasuu ni danda'a'; Labsii Gamoo Naannoo Oromiyaa Lak. 174/2004, kwt.58 'Manni Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa Labsii kana hojiirra oolchuuf dambii baasuu ni danda'a'; Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyaa Naannoo Oromiyaa Lak.130/1999, kwt.29 'Labsii kana raawwachiisuuf Manni Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa dambii baasuu ni danda'a'.

agarsiisuudhani.[76] Sadaffaa, mala tokkoffaa fi lammaffaa kanniin iddoo tokkotti waluma faana fayyadamuudhani.[77]

Qaphxiin xiinxala barbaadu, *tooftaawwan kenninsa aangoo bakka bu'insaa sadan olitti ibsaman keessaa isa kamti filatamaa dha?* kan jedhu dha. Kun ammoo deebi'ee filannoowwan jiran keessaa isa kamti aangoo bakka bu'insaan dambii ykn qajeelfama baasuu ifa taasisuu danda'a? gaaffii jedhu kaasa. Sababni isaa, muuxannoo biyyootaa sakattaane irraa waanti hubanne qabiyyee, kaayyoo, fi daangaan aangoo bakka bu'insaan kennamu ifa ta'uu qaba kan jedhu malee bifa kanaan yoo kenname sirrii ta'a, ykn sirrii hin ta'u kan jedhu miti waan ta'eefi dha. Dhimma kana ilaalchisuun yaadni afgaaffiin walitti qabames adda addummaa qaba. Yaadni tokko, waliigala taasisuun iddoo tokkotti keewwata tokkoon kennuun dhimma kam irratti aangoon bakka bu'insaa akka kenname adda baasanii beekuuf nama hin dandeessisu; hojii to'annoo Caffeen gaggeessus ulfaataa taasisa waan ta'eef, labsicha keessaa dhimmoota dambii fi/ykn qajeelfamni irratti ba'uu qabu adda baasuun bakka bu'insa kennuu wayya jechuun tooftaa lammaffaa irratti ibsame filatamaa taasisu.[78] Yaadni biraa ammoo, sirni wixineessa seeraa akkuma biyyattiittuu baay'ee laafaa waan ta'eef, dhimmoota dambiin fi/ykn qajeelfamni irratti ba'uun barbaachisu jalqabuma irratti adda baafachuun labsii keessatti

---

[76]Fakkeenyaaf,Labsii Koomishinii Jeequmsa Naannoo Oromiyaa Keessatti Ka'e Qulqulleessu Hundeessuuf Bahe Lak.107/1998, kwt. 5(1-4) jalatti Aangoo fi Gahee Koomishinichaa erga tarreessee booda, achuma kwt.5(5) jalatti ammoo hojiiwwan bu'uura kwt.5(1-4)tiin Koomishinichaaf kennaman raawwachuudhaaf karooraa fi qajeelfama hojii tarreeffamaan baafachuu akka danda'u aangesseera. Kwt.5(5)tiin alatti keewwati biraa aangoo bakka bu'insaan seera baasuu aangessu hin jiru; Inni kun yaada labsiitiin ala ba'uun dhimmoota biroo irratti Manni Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa dambii akka hin baafne to'achuuf filatamaa akka ta'e ni hubatama. Biyyoota biroo, fakkeenyaaf, Hindiin mala akkasii fayyadamti. Achitti, daangaan qaama raawwachiiftuun keessatti seera baasuu danda'u qaamni seera baasu jalqabuma yeroo bakka bu'insa kennu ibsa waliin kennaafi (*Parliamentary Scrutiny of Executive Rule Making (PRS Legislative Research), 2012,* F1 ilaalaa).

[77]Fakkeenyaaf, Labsii Kenninsa Hayyamaa fi Bulchiinsa Abukaattotaa fi Barreessitoota Dhimma Seeraa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak.182/2005 kwt. 10 (3) (b) jalatti *Dhaabbata barnootaa seeraan beekamtii argate irraa barumsa seeraatiin dippiloomaan eebbifamee tajaajila ogummaa seeraatiin waggaa saddeetiifi isaa ol kan tajaajile yoo ta'e. Raawwiin Keewwata kanaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a* jechuun tooftaa lammeffaa hordofeera. Labsichumti kun kwt. kwt.78 (1) jalatti ammoo '*Manni Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Labsii kana raawwachiisuuf kan gargaaru Dambii baasuu ni danda'*a jechuun tooftaa tokkoffaatti fayyadamuun aangoo bakka bu'insaa kenneera.

[78] Fakkeenyaaf, af-gaaffii ob. Isaa Booruu, Olitti yaadannoo lak. 62; Addisuu Fallaqaa, fi Abdii Kadiir, Gorsitoota Dhimmoota Seeraa Caffee Oromiyaa waliin gaafa 7/5/2010 gaggeeffame.

keewwata-keewwataan tumuun akka ulfaatu ibsuun sirnuma kenninsaa amma itti hojjetamaa jiru hordofuun gaarii akka ta'e ibsu.[79]

Yaadonni lamaanuu dhugummaa of keessaa qabu. Haata'u malee dhimmoota lama jiddu galeessa godhachuun xiinxaluun gaarii ta'a tokkoffaa, haalli aangichi itti kennamu iftoomina qabaachuu yoo ta'u; lammaffaan, labsiiwwan keenya qorannoo gad-fageenya qabu irratti hunda'anii bahuu dhabuu isaaniiti. Kana bu'uureffannee yoo ilaallu, muuxannoo amma itti hojjetamaa jiru keessaa filannoon sadaffaa (bifa waliigalaatiin aangoo bakka bu'insaa kennuu fi tokko tokkoon keewwata- keewwataan walfaana yeroo tokkotti fayyadamuu) irra deddeebii hin barbaachifne ta'uu bira darbee qaamni aangoo bakka bu'insaan dambii ykn qajeelfama akka baasu aangeffame aangoo kennameefiin ala (ultra vires) akka ba'uuf haala mijataa uumuun ala faayidaan argamsiisu hin jiru jechuun ni danda'ama. Sababni isaa, seerri ba'u durumaan qorannoo irratti kan hundaa'e yoo ta'e, seera baaftuun dhimmoota kam faa irratti ofiif seera akka baasuu fi dhimmoota kam faa irratti aangoo bakka bu'insaa akka kennuu asumaa achi dursee beekuu ni danda'a. Kana ammoo tooftaawwan sadan amma itti hojjetamaa jiran keessaa isa 1ffaa ykn isa 2ffaa qofa hordofuun aangoo bakka bu'insaa kennuun ni danda'ama. Haa ta'u malee, tooftaa 1ffaa irra tooftaan 2ffaa caalaatti filatamaa ta'uu akka danda'u waanti namatti agarsiisu ni jira. Sababni isaa, seerri aangoo bakka bu'insaan seera baasuu aangessu qabiyyee, kaayyoo, fi daangaan ifa ta'uuti irraa eegama. Qabatamatti garuu, hojiirra oolmaa labsii tokkoof dhimmoonni dambiin ykn qajeelfamni akka irratti ba'u barbaadamu hedduu ta'uu danda'u; hedduudhas. Dhimmoota hedduu kanneen keewwata seeraa tokkoon akkaataa barbaadamuun ifa godhanii aangoo bakka bu'insaa kennuun rakkoo ta'uun isaa hin oolu. Kun kan agarsiisu, tooftaa 1ffaa fayyadamuun aangoo bakka bu'insaan dambiilee ykn qajeelfamoota baasuu ifa godhanii kennuun kan rakkisu ta'uudha.

Tooftaan 2ffaa amma itti hojjetamaa jiru (aangoo bakka bu'insaan dambii fi/ykn qajeelfama keewwatawwan dhimmichi ilaalu jalatti ibsuu) kanneen biroon walbira qabamee yoo ilaalamu uumamuma isaatiinuu ifa dha jedhamee

[79]Fakkeenyaaf,Af-gaaffii Ob. Hajii Arsee, Olitti yaadannoo lak. 65 ; Sulxaan Abdoo, Biiniyaam Makibab, Leeyilaa Mohaammad fi Galataa Akkumaa, Wixineessitoota Seeraa BHOwaliin gaafa 21/5/2010 gaggeeffame.

yaadama. Dhimmoonni dambii fi/ykn qajeelfamni irratti ba'an hedduu yoo ta'anis tokko tokkoon ifa godhanii kaa'uuf tooftaa mijataa dha. Dabalataan, tooftichi aangicha daangessuun dhimma dambii fi/ykn qajeelfamni akka irratti ba'u barbaadame akkaataa barbaadamuun ifa godhanii kaa'uuf ni dandeessisa. Sababni isaa, seerri aangoo bakka bu'insaan ba'u dhimmuma keewwata sana jalatti tumaamee jiru irratti kan daanga'e akka ta'e ni beekama waan ta'eefi.[80] Waan ta'eefuu, jalqabumaan, labsiin tumamu qorannoo gahaa irratti kan hundaa'e taanaan, tooftaa lammaffaa amma itti hojjetamaa jiru kana (keewwata labsii dambii fi/ykn qajeelfamni akka irratti ba'u barbaadamu jalatti ibsaa adeemuu) qofatti fayyadamuun aangoo bakka bu'insaan dambii fi/ykn qajeelfama baasuu kennuun ni danda'ama. Kana gochuun kaayyoo barbaadame milkeessuu bira darbee Caffeen hojimaata walfakkaataa ta'e akka hordofu ni dandeessisa amantaa jedhu qabna.

Kanaan walqabatee hanqinni Caffee biratti mul'atu keewwata aangoo bakka bu'insaan seera baasuu aangessu (enacting clause) kanaaf xiyyeeffannoo gahaa ta'e kennuun xiinxaluu dhabuu dha.[81] Caffeen Oromiyaa tumaa seeraa bakka bu'insaan seera baasuu aangessu keewwattoota biroo labsicha keessatti ibsaman irraa adda godhee hin ilaalu.[82] Kun ammoo muuxannoo biyyootaa kan akka Hindii fi Ingiliiz fa'a[83] irraas kan maqe dha. Kun kan agarsiisu, tumaa seeraa aangoo bakka bu'insaan seera baasuu aangessu ilaalchisee Caffeen Oromiyaa xiyyeeffannoo guddaa akka hin kennine dha.

---

[80] Haa ta'u malee, akkuma Seerri Bu'uuraa biyya Jarman jedhu sanatti qabiyyeen, kaayyoo, fi daangaan aangoo bakka bu'insaa ifatti beekamuu yoo baate tooftaa kana hordofuun qofti to'annoo Caffeen taasisuuf wabii ta'uu hin danda'u.

[81] Afgaaffiiwwan Ob. Addisuu Fallaqaa fi Ob. Abdii Kadiir, Olitti yaadannoo lak.78[ffaa;] Ob. Isaa Boruu, Olitti yaadannoo lak. 62[ffaa] waliin gaggeeffame.

[82] Afgaaffiiwwan ob. Addisuu Fallaqaa, ob. Abdii Kadiir fi Ob. Isaa Boruu, waliin gaggeeffame (Akkuma lak.81[ffaa])

[83] Fakkeenyaaf, paarlaamaan biyya Hindii tumaa seeraa aangoo bakka bu'insaan seera baasuu kennu irratti addatti falmii cimaa gaggeessa; waan ifa hin taane irrattis yeroo gaaffii (question hour) ni qabaata. Ingiliziittis dhimmoota muraasa irratti seerota aangoo bakka bu'insaan kennaman kana paarlaamaan kan hordofuu fi to'atu ta'uu jalqabuma seera bakka bu'insaan seerri akka ba'u aangessu keessatti ibsama.

### B) Sirna Koreetti Fayyadamuu (The Committee System)

Caffeen Mootummaa Naannoo Oromiyaa koreewwan dhaabbii saddeetitti gurmaa'ee jira.[84] Dambiin ykn qajeelfamni aangoo bakka bu'insaan ba'u kamiyyuu daangaa seerri Caffeen ba'e aangessee fi seera Caffeen baaseen akkaataa walsimutti ba'uu qaba.[85] Daangaa jedhame keessatti yoo hin baane Caffeen sirna ittiin to'atu tolfatee to'achuun dirqama isaati. To'annoo kanas koreewwan dhaabbiitti fayyadamuun gaggeessuu danda'a. Koreewwan dhaabbii keessaa, hojiin to'annoo dambiilee fi qajeelfamoota aangoo bakka bu'insaan ba'anii kallattiin Koree Dhimma Seeraa fi Bulchiinsaa ilaallata. To'annoon koreen ta'us sadarkaa wixinee fi erga bahee hojiirra oolee booda ta'uu danda'a.

- ***Sadarkaa Wixineetti***

**Dambiiwwan:** dambiiwwan Mana Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaan ba'an sadarkaa wixineetti Caffee hin dhaqqaban. Seerri dambiileen sadarkaa wixineetti Caffeetti akka dhiyaatan dirqisiisus waan hin jirreef to'annoon koreewwan dhaabbii caffeen dambiilee irratti taasifamu hin jiru. Kun kan agarsiisu, faallaa muuxannoo biyyoota Hindii fi Ingiliizii sadarkaa wixineetti dambiileen koree qaama seera baastuun hundeessetti kan hin dhiyaanne ta'uu dha. Kun ammoo Caffeen Oromiyaa to'annoo gahaa ta'e dambiilee irratti akka hin taasifneef sababa tokko ta'uu agarsiisa.

**Qajeelfamoota**: Manneen hojii qorannichaan sakatta'aman keessaa tokko kaka'umsa ofii isaatiin wixinee qajeelfama isaatii irratti koree dhaabbii Caffee

---

[84] *Labsii Gurmaa'ina, Hojimaata, Naamusa Miseensotaa fi Sirna Walgahii Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Murteessuuf Bahe, Lak. 201/2009, kwt.44 yoo ilaalle, korewwan dhaabbii 8 isaan kam akka ta'an tarreeffameera. haaluma kanaan:* Koree Dhaabbii Dhimma Bulchiinsaa fi Seeraa 2) Koree Dhaabbii Dhimma Misooma Baadiyyaa 3) Koree Dhaabbii Dhimma Misooma Magaalaa 4) Koree Dhaabbii Dhimma Bu'uuraalee Misoomaa 5) Koree Dhaabbii Dhimma Baajataa fi To'annoo Baasii Mootummaa 6) Koree Dhaabbii Dhimma Hawaasummaa 7) Koree Dhaabbii Dhimma Dubartootaa, Daa'immanii fi Dargaggootaa fi 8) Koree Dhaabbii Dhimma Misooma Qabeenya Namaa akka ta'an hubachuun ni danda'ama.

[85] Labsii Gurmaa'ina, Hojimaata, Naamusa Miseensotaa fi Sirna Walgahii Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Murteessuuf Bahe, Lab. Lak. 201/2009, Kwt. 32 (4) ilaala.

kan mariisisu ta'us[86], akkuma dambiilee, qajeelfamoonnis sadarkaa wixineetti Koree Dhaabbii Caffeef hin dhiyaatan. Gabaabumatti, seeronni aangoo bakka bu'insaan ba'an (dambiilees ta'an qajeelfamoonni) sadarkaa wixineetti koree dhaabbii dhimmoota seeraa fi bulchiinsaa Caffeef dhiyaachuun adeemsi ittiin to'ataman ifatti seeraan diriiree hin jiru.

- ***Erga Ragga'anii Booda***

To'annoo Caffeen dambiilees ta'e qajeelfamoota ragga'uun hojiirra jiran irratti taasisaa turee fi jiru yoo ilaalame bu'a qabeessa kan nama jechisiisu miti. Kanaafis agarsiiftuuwwan adda addaa kan jiran yommuu ta'u, kanneen keessaa seerotni aangoo bakka bu'insaan akka ba'an jedhame ba'uu fi ba'uu dhabuu isaanii hordofuu dhabuu, seerri armaan dura Caffeen baasee hojiirra jiru yommuu fooyyaa'uutti dambii fi/ykn qajeelfamni labsicha hojiirra oolchuuf ba'e sanuma faana akka fooyyaa'uuf hordoffii gochuu dhabuu, fi kkf akka fakkeenyaatti kaasuun ni danda'ama.[87] Labsiiwwan meeqaaf dambiileenii fi qajeelfamoonni akka ba'anii fi hin baanes adda ba'ee galmaa'ee hin beekamu.[88] Labsiiwwan dhimmoota adda addaaf dambii baasuun barbaachisaa akka ta'e akeekan baay'eef dambiin waggoota dheeraa osoo hin bahiin tureera.[89] Kun ammoo gama tokkoon, caffeen dambiilee inni akka bahaniif aangesse bahaa jiraachuuf dhiisuu isaanii akkasumas warri

[86]Af-gaaffii Ob. Kadir Hamnuu, ogeessa seeraa Biiroo Daldalaa fi Misooma Gabaa Oromiyaa waliin gaafa 8/5/2010 gaggeeffame fi Ob. Isaa Boruu, Olitti yaadannoo lak. 62[ffaa] waliin gaggeeffame

[87]Afgaaffiiwwan ob.Addisuu Fallaqaa, Olitti yaadannoo lak.78[ffaa]; Ob. Addisuu Laggaas, Olitti yaadannoo lak.60[ffaa]; Ob. Hajii Arsee, Olitti yaadannoo lak. 65[ffaa]; Ob. Sulxaan Abdoo, Ad. Leeyilaa Mohaammad, Ob. Galataa Akkumaa fi Ob. Biiniyaam Makibab, olitti yaadannoo lak.79[ffaa] waliin gaggeeffame.

[88] Af-gaaffii Ob. Isaa Boruu, olitti yaadannoo lak. 62[ffaa].

[89] Fakkeenyaaf, Labsiin Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak.176/2005, kwt.7-Pirojektootni sakatta'insaa dhiibbaa naannoo gaggeessuun barbaachisuuf isaan kam fa'a akka ta'an dambii ba'uun murtaa'a jechuun kan tume yoo ta'u, dambiin kun hanga ammaatti osoo hin ba'iin waggoota shaniif tureera. Akkasumas, Labsiin Manneen Murtii Hawaasummaa Gandaa Irra Deebi'anii Dhaabuufi Aangoo Isaanii Murteessuuf Bahe Lak. 66/1995 Irra Deebiidhaan Fooyyeessuuf Bahe Lab. Lak.128/1999 kwt.44 jalatti labsicha raawwachisuuf Manni Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa dambii baasuu akka danda'uu, fi Manni Murtii Waliigala Oromiyaa fi Biiroon Haqaa Oromiyaa ammoo qajeelfama baasuu akka danda'an aangesseera. Haa ta'u malee, hanga har'aatti (waggaa kudhan ol) dambiis ta'e qajeelfamni labsicha hojiirra oolchuuf bahe hin jiru.

bahan bu'uura aangoo kennameefiin ta'uu isaanii irratti to'annoo karaa koreewwan dhaabbiin gaggeeffamu kan hin jirre ta'uu agarsiisa.

Gama biraan, rakkoowwan dambiilee fi/ykn qajeelfamootni akka bahanii Caffeen aangeffaman yeroon bahuu dhabuuf hanqinni seeraa akkasii yeroo dheeraaf kan turan yoo ta'ellee, kan hubataman dhiyeenya kana ta'uu Labsii Gurmaa'ina, Hojimaata, Naamusa Miseensotaa, fi Sirna Walgahii Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Murteessuuf Bahe, Lak. 201/2009 irraa tilmaamuun ni danda'ama. Aangoo fi hojii Koreewwan Dhaabbii Caffee Oromiyaaf labsii kanaan kennaman keessaa tokko seerotni Caffeedhaan bahan qixa barbaadamuun hojiirra akka oolan gochuuf dambii fi qajeelfamaan deeggaramuu isaanii hordofuu fi to'achuu dha.[90] Dabalataan, qaamni dambii ykn qajeelfama bakka bu'iinsaan akka baasuuf aangoon seeraan kennameef seerichi erga bahee booda ji'oota sadii keessatti baasuuf dirqama qaba.[91] Qaphxiin kanaan walqabatee ka'uu malu yeroon ji'oota sadii labsichaan kenname kun gahaadhaamoo gahaa miti? kan jedhu dha.

Kana ilaalchisuun yaadotni adda addaa kan jiran yoo ta'ellee[92] akka waliigalaatti garuu, yeroo ji'oota sadii kana Caffeen Oromiyaa muuxannoo paarlaamaa federaalaa irraa kan fudhate akka ta'e hubachuun danda'ameera.[93] Qabatamaan garuu, erguma labsiin lak. 201/2009 ba'ee booda ji'oota sadii keessatti haalli dambiin itti hin baane ni jira. Fakkeenyaaf, Labsii Lak.201/2009 hojiirra oolchuuf Caffeen dambii baasuu akka qabu labsichumti kwt.74 jalatti tumeera. Labsichi guyyaa Caffeen ragga'e irraa kaasee hojiirra kan oole ta'us (Guraandhala 24, 2009), hanga yoonaatti dambiin osoo hin ba'iiniif jira. Dabalataan, Labsiin Gibira Galii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Fooyyeessuuf Bahe Lak.202/2009 Adoolessa 1, 2008 irraa ka'ee hojiirra kan oole yoo ta'us, hanga yoonaatti dambiin labsicha hojiira oolchuu bu'uura kwt.92 tiin hin ba'iin jira. Hojiirra oolmaa labsichaa

---

[90]Labsii Gurmaa'ina, Hojimaata, Naamusa Miseensotaafi Sirna Walgahii Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Murteessuuf Bahe, Lab. Lak.201/2009, kwt.45(5).

[91]Labsii Gurmaa'ina, Hojimaata, Naamusa Miseensotaafi Sirna Walgahii Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Murteessuuf Bahe, Lab. Lak.201/2009,, Kwt.32 (3).

[92] Kuun yerichi gahaa miti jedhu (Fknf:-Afgaaffiiwwan Ob. Hajii Arsee, Olitti yaadannoo lak.65; Ob. Sulxaan Abdoo, Ob. Biiniyaam Makibab fi Ad. Leeyilaa Mohaammad, Olitti yaadannoo 79 waliin ta'e ); kuun ammoo qabatamaan adeemsa hojii keessatti beekama jedhu (Fknf:- ob. Isaa Booruu, Olitti yaadannoo lak. 62).

[93] Af-gaaffii ob. Isaa Boruu, Olitti yaadannoo lak. 62[ffaa].

madaaluuf yeroon gaheera jedhamuu baatus, yeroon ji'oota sadii jedhame kun qabatamaan hojiirra oolaa kan hin jirre ta'uu waanti namatti agarsiisu ni jira.

Haa ta'u malee, dhimmi murteessaan asitti ilaalamuu qabu yeroon ji'oota sadii dheerateera ykn gabaabbateera jedhamuuf ka'umsa ta'uu kan qabu labsichi durumaan yommuu qophaa'utti qorannoo bu'uureffateetimoo miti? kan jedhu ta'uu qaba. Labsiin qorannoo gadi fageenya qabu irratti hundaa'eeti yoo ta'e, yeroo gabaabaa keessatti dambii ykn qajeelfama qopheessuun rakkoo waan hin taaneef ji'i sadii gahaadha jedhanii yaaduun ni danda'ama. Gama biraatiin, adeemsi qophii labsichaa qorannoo gadi fageenya qabu irratti kan hin hundoofne yoo ta'e, dambii ykn qajeelfama bu'a-qabeessa ta'e qopheessanii hojiirra oolchuuf yeroon kun hin gahu jedhanii yaaduun nama hin dhibu.

Akka waliigalaatti, Caffeen rakkoowwan seerotni aangoo bakka bu'insaan ba'an qaban kan hubatu dursee osoo hin taane erga komiin hawaasaa isa dhaqqabee booda dha. Rakkoo jiru erga beekee boodas to'annoo bu'a qabeessa ta'e taasisaa kan jiru miti. Fakkeenyaaf, adabbii tumuun Dambii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyaa Oromiyaa Lak.151/2005 daangaa aangoo bakka bu'insaa kennameefiin ala akka ba'e (ultra virus) Caffeen kan hubate Koreen Dhaabbii Dhimma Bulchiinsaa fi Seeraa hojiirra oolmaa seerotaa gamaaggamuuf wayita marii taasisu ture.[94] Rakkoo kana erga hubatee booda, tarkaanfiin fudhate yoo jiraate qaamni raawwachiisaan akka sirreessuuf xalayaadhaan qajeelfama kennuu dha.[95] Haa ta'u malee, akkaataa qajeelfama kennameen hanga guyyaa har'aatti sirreeffamni gama qaama raawwachiisaan taasifame hin jiru. Dambichis har'as akkuma duraan turetti hojiirra oolaa jira. Kun Caffeen Oromiyaa dambiilee fi qajeelfamoota aangoo bakka bu'insaan ba'an to'achuu irratti ejjennoon qabu laafaa ta'uu agarsiisa.

### 3.2.2. To'annoo Qaama Seera Hiiktuun (Manneen Murtiin) Ta'u

Akka Itoophiyaattis ta'e, Naannoo Oromiyaatti aangoon abbaa seerummaa kan mana murtiiti.[96] Manneen murtii Oromiyaa Heerummaa

[94] Ob. Isaa Boruu, Akkuma 93ffaa.
[95] Ob. Isaa Boruu, Akkuma 94ffaa.
[96] Heera Mootummaa RDFI, Kwt 79 (1) fi Heera Mootumaa Naannoo Oromiyaa, Kwt 61 (2) walfaana dubbisaa.

(constitutionality) dambiilee ykn qajeelfamootaa karaa Koomishinii Hiiktuu Heera Mootummaatiin; akkasumas, seerummaa (legality) isaanii ofumaaf hiikkoo itti kennuun[97] seerota aangoo bakka bu'insaan bahan irratti to'annoo ni taasisu. To'annoon qaama kanaan ta'u kan jalqabu erga seerichi bahee booda dha. Manneen murtii dambiilee fi qajeelfamootni aangoo bakka bu'insaan ba'an daangaa aangoo qaamni seera baasu kenneen ala yoo ta'an, hiikkoo itti kennuun seerotni kunniin raawwatiinsa akka hin qabaanne taasisuu ni danda'u. Yaadni kun sadarkaa yaadrimeetti bal'inaan ni hubatama.[98]

Qabatamaatti, to'annoon kallattii kanaan jiru maal akka fakkaatu beekuuf dhimmoota qabatamoo sakatta'uuf yaaliin kan taasifame ta'us, galmeewwan haala kanaan murtaa'an baay'inaan argachuu hin dandeenye. Sababni isaa: Tokkoffaa, falmiiwwan akkasii jalqabumarraa gara mana murtiitti hin dhiyaatan; mana murtiittis dhimmoonni waan itti baay'ataniif, seerotni sadarkaa sadarkaan jiran (labsii, dambii fi qajeelfamni) walsimuu fi simuu dhabuu sakatta'uu caalaa seeruma dhimmichi bu'uureffatee dhiyaate hiikuun furmaata kenna.[99] Lammaffaa, abbootiin murtii, badii naamusaa seera ifa jiru cabsuun himatamuu dandeenya sodaa jedhuun osuma beekanii dhiibanii itti hin deemani.[100] Haa ta'u malee, qajeelfama dambiin wal hin simne, ykn dambii labsiin wal hin simne hiikkoo seeraatiin fudhatama dhabsiisuun hojiima idilee manneen murtii waan ta'eef, sodaan asumaa achi seera ifa jiru cabsuun naamusaan nan himatama jedhu sirrii miti.

Sadaffaa, manneen murtii qaamni falmiitti jiru dambii ykn qajeelfamni falmiin irratti hundaa'ee dhiyaate fudhatamummaa qabaachuu akka hin qabne hanga falmii kaasutti eeguun bal'inaan mul'ata.[101] Kunis waantota lama irraa madda:

---

[97] Heera Mootumaa Naannoo Oromiyaa, Kwt 46.

[98] Af-gaaffiiwwan Ob. Wandimmuu Kabbadaa, Gaggeessaa Adeemsa Hojii KTAS; Dabalee Xilaahun, A/Murtii MMO Godina Arsii; Bazzuu Lammii, A/Murtii MMO Godina Arsii; Gammachuu Dabalaa, A/Murtii Godina Arsii waliin 4/5/2010 gaggeeffame

[99] Af-gaaffiiwwan Kaasahun Guuttataa, A/Murtii MMWO, Dhaddacha Kibbaa; Gabii Galatoo, A/Murtii MMWO, Dhaddacha Kibbaa; Ashannaafii Raggaasaa, A/Murtii MMWO, Dhaddacha Kibbaa, waliin gaafa 24/5/2010 gaggeeffame.

[100] Af-gaaffiiwwan Ob. Hirphoo Irreessoo, Pirezidaantii MMA Shaashamannee, waliin gaafa 23/5/2010 gaggeeffame; Kaasahun Guuttataa, A/Murtii MMWO, Dhaddacha Kibbaa; Gabii Galatoo, A/Murtii MMWO, Dhaddacha Kibbaa; Ashannaafii Raggaasaa, A/Murtii MMWO, Dhaddacha Kibbaa, waliin gaafa 24/5/2010 gaggeeffame.

[101] Af-gaaffii Ob. Biqilaa Abarraa, Pirezidaantii MMO Godina Addaa Adaamaa; Ob. Badiirtemaam Umar, Gaggeessaa KTAS MMO Godina Addaa Adaamaa; Solomoon

sodaa namuusaan nan himatama jedhuu fi manneen murtii tarkaanfii akkasii fudhachuu danda'uu irrattis hubannoon jiru walfakkaataa ta'uu dhabuudha. Fakkeenyaaf, aangoon seera hiikuu mana murtii hanga seera hojiirra oolee jiru fudhatama dhabsiisuu hin gahu; kana gochuu kan danda'u Koomishinii Hiiktuu Heera Mootummaa dha jedhanii yaaduun ni jira. Haa ta'u malee, walitti bu'insi akka kanaa kan jiru taanaan gareewwan walfalman kaasanis kaasuu baatanis, manni murtii dambii ykn qajeelfama aangoo bakka bu'insaan ba'e kana fudhatama dhabsiisuu irraa waanti isa daangessu hin jiraatu.

Dhimmootni qabatamoo baay'inaan manneen murtii keessa jiraachuu baatanis, dhimmootni muraasni dambii 151/2005'n walqabatanii ka'an ni jiru. Kunis darbinsa yeroo fi adabbii dambichaan tumamee jiruun kan walqabatu dha. Fakkeenyaaf, dhimmoota armaan gadii haa ilaallu.

Dhimma Mana Murtii Aanaa Mi'eessoo Galmee Lak. **05921** ta'e irratti iyyataan sababa qaala'insa jireenyaatiif qabiyyee isaa dhiisee gara biraa waan deemeef himatamtoonni lafa isaa akka qabatan ibsuun Mana Murtii Aanaatti himata isaa dhiyeeffateera. Himatamoota keessaa inni tokko lafa isaa akka hin qabanne kan ibse yoo ta'u; himatamaan inni tokko immoo ani ergan qabadhee waggaa digdamaa (20) ol ta'eera waan ta'eef bu'uura Dambii Lak 151/2005 kwt 32 tiin darbiinsa yeroo waggaa 12n kufaa ta'a jedheera. Manni murtiis waggaa 12 ol fayyadameera waan ta'eef, bu'uura Dambii Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Oromiyaa Lak.151/2005 kwt 32 tiin darbinsa yeroon gaafachuu hin danda'u jechuun jala murtii dhaddacha gaafa 17/10/2006 ooleen himata dhiyaate kufaa godheera. Dhimmichi Mana Murtii Ol'aanaa Godina Harargee Lixaatti kan ol'iyyatame yommuu ta'u, Manni Murtii Ol'aanaa kunis Galmee Lak. 33367 irratti murtiin Mana Murtii Aanaa ragaa dhiyaate irratti hundaa'uun kan kenname waan ta'eef, kan qeeqamu miti jechuun deebi kennaa waamuun osoo hin barbaachisiin galmee cufeera. Manni Murtii Waliigala Oromiyaa dhaddachi Ijibbaataa galmee lakk**. 186120** irratti, Manneen Murtii jalaa ragaa wal dhahaa fi qulqulluu hin taane irratti hundaa'uun himatamaan waggaa 15 ol lafa falmii kaasetti fayyadameera jechuun darbiinsa yeroon hafaa ta'a jedhanii murteessuun sirrii miti jechuun

Gaarradoo, A/Murtii MMO Godina Addaa Adaamaa, waaliin gaafa 3/5/2010 gaggeeffame. Akka yaada ogeessota kanaatti, hanga abbaan dhimmaa falmii kaasutti abbaan seeraa ofiin rakkoo seeraa xiinxaluu dhiibee itti hin deemu.

Manni Murtii Aanaa ragaan sirriitti erga qulqullaa'ee booda murtii itti fakkaate haa kennu jechuun dhaddacha gaafa 18/5/2007 ooleen Mana Murtii Aanaatti gad-deebiseera.

Akka waliigalaatti, seerotni mirga bu'uuraa namoota dhuunfaa gonfachiisan ykn irraa muulqan karaa beekamtii qaama seera baaftuun ba'uu qabu.[102] Tooftaawwan mirgi bu'uuraa kun itti muulqamuu fi argatamu keessaa tokko ammoo karaa darbinsa yerooti. Dhimma olii kanaan walqabsiifnee yoo ilaallu, darbinsi yeroo waggaa 12 kan tumame Dambii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa keessatti malee labsii Caffeen baase keessatti miti. Kun ammoo dambichi keewwta darbinsa yeroo kan tume aangoo Caffeen kenneen ala ba'uun (ultra vires) ta'uu agarsiisa. Waan ta'eefuu, dhimmi akkasii manneen murtiif yoo dhiyaatu tumaa dambii kanaa hiikkoo itti kennuun fudhatama dhabsiisu jedhamee eegama. Haa ta'u malee, dhimma olii kana irratti manneen murtii sadarkaa sadarkaan jiran kallattumaan dambii 151/2005, kwt.32 kan hiikan malee haala kamiin hiikamuu akka qabu bira darbuun hin xiinxalle. Manni Murtii Waliigalaas kan irratti xiyyeeffate qulqullina ragaa irratti malee, tumaan dambichaa haala kamiin hiikamuu akka qabu miti. Xiinxala Manni Murtii Waliigala Oromiyaa kenne irraa waanti hubatamu osoo darbinsi yeroo jedhame sun ragaa qulqulluu ta'een mirkanaa'eera ta'e murtii manneen murtii jalaa kan cimsu ta'uudha. Kuni ammoo, dhimma darbiinsa yeroo irratti manneen murtii dambicha seerota rogummaa qaban biroo waliin xiinxaluun to'annoo taasisuurra dambichuma kallattiin kan hiikan ta'uu isaati.

Dhimma biraa tokko irratti tumaalee adabbii dambii 151/2005 tiin wal qabatu tokko irratti Abbaan Alangaa galmee Mana Murtii Aanaa Wandoo Lakk. **02170** ta'e irratti himatamtoonni (N-2) Seera Yakkaa bara 1996 bahe kwt 32(1A), 433 fi Dambii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Lak. 151/2005 kwt 33(1) irra darbuun lafa bal'inni isaa hektaara 0.4 ta'u daangaa isaa kallattii hundaan ibsuun seeraan ala qabatan jechuun himatamaniiru. Manni Murtii Aanaa himanni itti banamee ragaan barbaachisu Waajjira Lafaa

[102] Fakkeenyaaf, biyya Awustiraaliyaatti, seerotni mirga namoota dhuunfaa irratti dhiibbaa dhaqqabsiisuu danda'an aangoo bakka bu'insaan ba'uu hin danda'an (SCOPE OF DELEGATED LEGISLATION available at: https://www. abyssinialaw. com/ component /k2/ item/310 ) < Onkoloolessa 20,2010 kan ilaalame>

fi Eegumsa Naannoo irraa hin dhiyaanne jechuun himatamoota bilisaan gaggeesseera. Manni Murtii Ol'aanaa Arsii Lixaa galmee lak. 23769 irratti dhimmicha ol'iyyataan ilaaluun ragaa barbaachisaa dha jedhee itti amane Waajjira Lafaa fi Eegumsa Naannoo irraa akka dhiyaatu taasisuun D/kennitootni akka ofirraa ittisan taasisuun; ragaan ittisaas irraa ittisuu hin dandeenye jechuun kewwatoota abbaan alangaa ittiin himate jalatti balleessaniru jedhee hidhaa waggaa tokkoo fi baatii jahaan adabeera. Murtii kana komachuun D/kennitoonni Mana Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Kibbaatti kan ol'iyyatan ta'us, Manni Murtichaa Gal. Lak.195657 irratti ilaaluun ol'iyyatichi hin dhiyeessisu jechuun kufaa godheera.

Dhuma irratti, dhimmichi Mana Murtii Waliigala Oromiyaatti Dhaddachi Ijibbaataaf kan dhiyaate yoo ta'u, Dhaddachi ijibbaataas Gal. Lak. 230693 irratti ilaaluun ijoowwan dubbii: *Iyyattoonni ammaa gocha tokkoon keewwata seeraa lamaan himatamuun isaanii fi keewwata seeraa lama jalatti balleessaa godhamuun isaanii deeggersa seeraa qabamoo miti? fi Iyyattoonni kun gocha yakkaa raawwataniiru yoo ta'e, tumaa seeraa isa kamtuu gocha isaaniif rogummaa qaba?* Jedhan qabatee akka itti aanutti xiinxaluun murtii kenneera.

Ijoo dubbii duraa ilaalchisee bu'uura Seera Yakkaa kwt.61(1)tiin gocha yakkaa tokkoof himati tokko qofti keewwata seeraa tokko qofa jalatti dhiyaachuu akka qabu ibsuun Abbaan Alangaa keewwattota seeraa lama jalatti himannaa banuu fi manneen murtii jalaas sanuma jalatti balleessaa taasisuun adabbii kennuun isaanii dogoggora jedheera. Ijoo dubbii lammaffaa ilaalchisee, *tumaan Seera Yakkaa kwt.433 dhimma yakkoota hojii mootummaa irratti namoota hojjettoota mootummaa hin taaneen raawwataman ilaallata. Dhimmi amma ilaalamaa jiru ammoo yakka hojii mootummaa irratti raawwatamu osoo hin taane lafa qabiyyee mootummaa ta'e irratti kan raawwatame dha jechuun kwt.433 jalatti himachuun sirrii miti jedheera. Waa'ee Dambii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa osoo hin ilaaliin dura waa'ee Labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa xiinxaluun barbaachisaa dha. Labsiin 130/1999 kan tumamuu danda'e Labsii Bulchiinsaaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Mootummaa Federaalaa Lak.456/1997 bu'uura godhachuun akka ta'e ibsuun; labsii 456/1997, seera yakkaa, 130/1999 fi dambii 151/2005 walbira qabun akka itti aanutti xiinxaleera.Labsiin 456/1997 yakkootni dhimma lafaan walqabatan bu'uura*

*seera yakkaatiin akka ilaalaman tuma. Gama biraatiin, labsiin 130/1999 kwt 27 irratti dhimmoota yakka lafa baadiyyaa irratti raawwataman seera rogummaa qabuun ilaalama jedha. Seerri rogummaa qabu kun ammoo seera yakkaa RDFI akka ta'e labsii 456/1997 irraa ni hubatama. Dhaddachi Ijibbaataas dhimmichaan walqabatee seerri rogummaa qabu seera yakkaa kwt.686 (1) (a) dha jechuun dambiin 151/2005 raawwatamummaa hin qabu* jedhee murteesseera.

Kana irraa waanti hubatamu, sadarkaa Dhaddacha ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Oromiyaatti to'annoon seerota aangoo bakka bu'insaan bahan irratti taasifamu cimaa akka ta'ee fi hubannoon dhimmicha irratti jirus gaarii ta'uu dha.

### 3.2.3. To'annoo Qaama Seera Raawwachiisaan Ta'u

Qaamni biraa dambiilee fi qajeelfamoota aangoo bakka bu'insaan bahan irratti to'annoo gaggeessu qaama seera raawwachiistuu dha. Akka Naannoo Oromiyaattis to'annoon gama qaama raawwachiistuun taasifamu ni jira. Adeemsaalee dambiiwwan keessa darbuun qophaa'an Dambii Hojimaata Mana Marii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak. 131/2003, kwt.15 jalatti tarraa'ee jira. Haaluma kanaan, Biiroo Haqaa Oromiyaa keessatti adeemsi hojii ijoo tokko hundaa'uun wixineewwan dambiilee sekteroota qaama raawwachiistuu adda addaan qophaa'anii dhiyaataniif seerota biroo waliin walsimuu fi walsimuu dhabuu isaanii sakatta'uun sirreeffamni barbaachisu akka fudhatamu taasisaa jira.[103] Kana booda, wixineen sirreeffame qo'annoo gaggeeffamee fi yaadota falmisiisaa fi murtii barbaadan haala agarsiisuu danda'uun qophaa'ee xalayaadhaan waajjira Pirezidaantiif ni ergama.Dameen seeraa waajjira Pirezidaantii qaama wixinee qopheessee fi Biiroo Haqaa Oromiyaa waliin ta'uun ilaalee; barbaachisaa ta'ee yoo argame qaamota biroo dhimmi ilaalu wajjiin marii gaggeessuun wixinichi akka gabbatu taasisa. To'annoon akkasii kun sadarkaa wixineetti kan jalqabu

[103] Maqaan guutuu adeemsa kanaa *Adeemsa Hojii Ijoo Qorannoo fi Qophii Wixinee Seeraa* jedhama.

ta'ee dambiilee hunda irrattii fi qajeelfamoota muraasa[104] sekteroota adda addaatiin raawwatamanis kan dabalatu dha.[105]

Iddoo kanatti, walitti dhufeenyi Biiroo Haqaa Oromiyaa fi Damee Seeraa Waajjira Pirezidaantii jidduu jiru maal akka ta'e gaaffiin ka'uu mala. Haaluma kanaan, qaamoleen lachuu hojii waldeeggarsaa (cooperative) kan hojjetan malee hojii walmorkii (competing) kan hojjetan miti.[106] Fakkeenyaaf, qabiyyee wixinee seeraa irratti qaamoleen lachuu yaadaan waliigaluu yoo dadhaban maalti ta'a? gaaffiin jedhu ka'uu mala. Kana ilaalchisee afgaaffii gaggeeffamerraa kan hubatame hanga yoonaatti falmii ogummaa gaggeessuun yeroo isaan waliigaluu dadhabuun addaan ba'an kan hin jirre ta'uu dha.[107] Qaamoleen lachuu qaama raawwachiiftuu waan ta'aniif bifa kanaan hojii waldeeggersaa hojjechuun isaanii loojikaawaa dha jechuun ni danda'ama. Kun kan agarsiisu, akkuma Kaabineen biyya Ingiliiz Koree Dhimmoota Seeraa (Legislative Committee) hundeessuun seerota aangoo bakka bu'insaan ba'an to'atu, Oromiyaa keessaattis Biiroon Haqaa fi Waajjirri Pirezidaantii dambiilee hundaa fi qajeelfamoota muraasa kan to'atu ta'uu dha. Kanas to'annoo qaama seera raawwachiiftuu jechuu dandeenya.

## 3.3. DAMBIILEE FI QAJEELFAMOOTA AANGOO BAKKA BU'INSAAN BA'AN IRRATTI RAKKOOWWAN QABATAMAAN MUL'ATAN

### 3.3.1. Daangaa Aangoo Bakka Bu'insaa Kennameen Ala Ba'uu (Ultra Vires)

Dambiin Bulchiinsaa fi Itti Fayyadaa Lafa Baadiya Oromiyaa Lak.151/2005 rakkoo akkasii qaba. Dambichi tumaalee labsii inni bu'uureffatee bahe

---

[104] Akka fakkeenyaatti, qajeelfama kenniinsa mana jireenyaa barsiisotaa fudhachuun ni danda'ama.

[105] Af-gaaffii ob. Addisuu Laggaas, Olitti yaadannoo lak.. 60ffaa; Hajii Arsee, Olitti yaadannoo lak..65ffaa; Sulxaan Abdoo, Biiniyaam Makibab, Leeyilaa Mohaammad, fi Galataa Akkumaa, Olitti yaadannoo lak.. 80ffaa.

[106] Afgaaffii Addisuu Laggaas, Olitti yaadannoo lak. 60ffaa; Hajii Arsee, olitti yaadannoo lak. 65ffaa; Sulxaan Abdoo, Biiniyaam Makibab, Leeyilaa Mohaammad, fi Galataa Akkumaa, Olitti yaadannoo lak. 79ffaa.

[107] Afgaaffiiwwan Addisuu Laggaas,Olitti yaadannoo lak. 60ffaa; Hajii Arsee, Olitti yaadannoo lak.65ffaa.

keessatti hin hammatamiin kanneen akka darbiinsa yeroo fi adabbiiwwan bilisummaa qaamaa daangessan of keessatti qabateera. Kun ammoo dambichi labsii irratti hundaa'ee bahe raawwachiisuu caalaa labsicha fooyyessuuf kan bahe fakkaata. Sababni isaa, akkaataa Labsii 130/1999tti qabiyyeen lafa baadiyyaa kan argamu karaawwan sadii: jechuunis kennaa mootummaan, kennaa fi dhaalaan maatii irraa qofanidha. Akka dambii kanaatti garuu, namni tokko darbinsa yerootti fayyadamuun (qabatee waggoota 12f kan itti fayyadame yoo ta'e)[108] abbaa qabiyyee ta'uu akka danda'u ni hubatama. Labsiin lak.130/1999 yakkoota lafa baadiyyaa irratti raawwataman ilaalchisee seerri rogummaa qabu raawwatiinsa akka qabaatu tumeera. Kun caalaatti kan akeeku seera yakkaa RDFI dha malee dambii kaabineen baasu miti. Waan ta'eefuu, adabbiin dambicha keessatti teechifame aangoo kennameen ol deemuu (ultra vires) agarsiisa.

### 3.3.2. Mirga Ol'iyyannoo Sarbuu ykn Dhiphisuu

#### A) Mirga Ol'iyyannoo Sarbuu

Dambiin Bulchiinsa Hojjettoota Abbaa Taayitaa Galiiwwan Mootummaa Naannoo Oromiyaa lak.160 /2005, kwt.36 (3) ifatti kan tume murtiin badii naamusaa gocha malaammatummaa irratti Daarikteeraan kenname kan dhumaa ta'uu dha.[109] Kun ammoo mirga ol'iyyannoo eegumsa Heeraa qabu beekamtii Caffeen ala dhorkamuu agarsiisa waan ta'eef dogoggora. Qabatamaan garuu, badii naamusaa gocha malaammaltummaas manni murtii bulchiinsaa ol'iyyannoon yoo ilaalu ni mul'ata. Fakkeenyaaf, Dhimma tokko irratti [110]falmii dakatti adeemsifameen Waajjirri D/Kennaa ol'iyyataan kun badii naamusa raawwateera jechuun koree naamusaa Abbaa Taayitaa Galiiwwanii Bulchiinsa Magaalaa Sabataa (ATGBMS) tti himata dhiyeesseen Ol'iyyataan kun hojii isa hin ilaallanne keessa galuun abbaa dhimmaa irraa qarshii 16,000 fudhatte jedhamee gocha malaammaltummaa raawwateen

[108]Darbinsi yeroo kun falmii qaama lafa namootaan seeraan ala qabame deebisuuf aangoo qabu (mootummaa) fi nama dhuunfaa gidduutti ka'u qofa akka ilaallatu dambicharraa ni hubatama.
[109]Dambichi kwt.36 (3) jalatti yaada murtee koreen naamusaa dhiyeessu irraa ka'uun murteen badii naamusaa gocha yakka malaammaltummaan walqabatee raawwatuun Daarikteera Ol'aanaan kennamu kan dhumaa ta'a jechuun tumeera.
[110] Ob. Geetahuun Dhufeera (Ol'iyyataa) fi ATG Damee Bulchiinsa Magaalaa Sabbataa (D/kennaa), Lak.G-816/2009 (Gaafa 21/02/2009 kan murtaa'e).

himatameera. Koreen naamusaa dhimmicha ilaales waggaa lamaaf sadarkaa fi mindaa irraa akka gadi bu'u bu'uura yaada murtii dhiyeesseen Daarikteerri Abbaa Taayitaa Galiiwwanii Oromiyaa adabbicha cimsuun mirkaneesseera.

Ol'iyyataan komiin ol'iyyannoo kan dhiyeeffate murtii adabbii kana komachuun yoo ta'u, Manni Murtii Bulchiinsaa Mootummaa Naannoo Oromiyaas komii dhiyaate simachuun D/kennaan dhiyaatee deebii akka kennu ajajus guyyaa beellamaatti dhiyaatee deebii waan hin kennineef akkaataa dambii lak.36/1996 kwt.42 (a)tiin mirga deebii kennuu bira darbuun bakka hin jirretti ilaaluun ol'iyyannichi ragaa gahaadhaan hin mirkanoofne jechuun adabbicha haquun bu'uura labsii lak.61/94 kwt.72 (1) tiin ol'iyyataa **bilisaan** gaggeesseera.

Akka waliigalaatti Dambiin Lak.160/2005 badii gocha naamusa malaammaltummaa irratti murtiin Daarikteeraan kennamu kan dhumaati jechuun tumuun isaa mirga ol'iyyannoo Heeraan eegumsa argate jiddu galeessa kan hin godhanne waan ta'eef dogoggora.

### B) Mirga Ol'iyyannoo Dhiphisuu

Dambiin Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Fooyyeessuuf Bahe Lak. 161/2005 rakkoo akkasii qaba. Dambiin kun dhimmoota bulchiinsa Abbootii Alangaan walqabatan hedduu of keessatti hammatee kan jiru yoo ta'u, kanneen keessaa dhimmi naamus isaanii isa tokko dha. Akka waliigalaatti, badiiwwan naamusa abbootii alangaa badii cimaa fi badii salphaa jedhamuun iddoo lamatti qoodamaniiru. Qaamni badiiwwan naamusaa kana qorachuun himatu garee inispeekshinii yoo ta'u, gareen kun sadarkaa Naannoo fi Godinaatti dambichaan hundaa'eera.[111] Badii naamusaa ilaalchisee qaamni aangoo adabbii murteessuu qabu Gumii yoo ta'u, innis Gumii Godinaa fi Gumii Waliigalaa jedhamuun caasaa lamaan gurmaa'ee kan jiru dha.

Aangoon Gumii Godinaa, balleessaa naamusaa salphaa abbootii alangaa godinaa fi aanaa irratti dhiyaatu qulqulleessee murtii itti kennuu yommuu ta'u, gareen murtii kenname irratti mormii qabus ol'iyyannoo isaa Gumii

[111]Dambii Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Fooyyeessuuf Bahe Lak.161/2005, kwt.74.

Waliigalaatiif dhiyeeffachuu ni danda'a.[112] Gama biraatiin, aangoon Gumii Waliigalaa himannaa balleessaa naamusaa cimaa ta'e ilaaluun murteessuu dha.[113] Himanni balleessaa naamusaa salphaa ta'us, himannichi Abbootii Alangaa Naannoo fi Itti Gaafatamtoota Waajjira Haqaa Godinaa irratti kan dhiyaate yoo ta'e, Gumiin Waliigalaa aangoo sadarkaa duraatiin dhimmicha ilaaluun murteessuuf aangeffameera.[114]Akkasumas, dhimmichi akka balleessaa naamusaa salphaatti ilaalamee dursa Gumii Godinaatti dhiyaatee qorannoo keessa garuu, balleessaa naamusaa cimaa ta'uun isaa yoo beekame, qaamni dhimmicha murteessuuf aangeffame Gumii Waliigalaa dha.[115] Dabalataan, sababa balleessaa naamusaa cimaatiin himatni Abbaa Alangaa Godinaa ykn Aanaa Gumii Waliigalaatti dhiyaatee yommuu qulqullaa'u, balleessaa naamusaa salphaa ta'ee yoo argame Gumiin Waliigalaa ofii isaatiif adabbii murteessuu ykn Gumii Godinaatti deebisuu ni danda'a. [116]

Kana irraa waanti hubatamu, haalawwan Gumiin Waliigalaa dhimmoota aangoo sadarkaa duraan ilaalee itti murteessu hedduun kan jiran ta'uu dha. Haa ta'u malee, murtiin qaama kanaan kenname qaamuma kanaan irra deebi'amee ilaalamuu[117] haalli itti danda'u jiraachuuti ibsame malee ol'iyyannoon ilaalamuu kan danda'u ta'uun isaa dambii kanaan taa'ee hin jiru. Kun kan agarsiisu, dambichi carraa mirga ol'iyyannoo kan dhiphisu ta'uu isaati. Kun ammoo mirga ol'iyyannoo Heera Mootummaa federaalaa fi naannoon beekamtii argatee jiru wajjiin kan wal simu miti.

---

[112] Dambii Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa, Kwt.90 (1).

[113]Dambii Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa, Kwt.80 (1).

[114] Dambii Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa, Kwt. 80.

[115] Dambii Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa, Kwt. 80.

[116] Dambii Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa, Kwt. 80 (3).

[117] Haalli murtiin irra deebi'amee itti ilaalamu Dambicha kwt.91. jalatti akka itti aanutti ibsameera:

***Kwt. 91 Mirga Murtiin Irra Deebi'ame Ilaalamuu***

1. *Abbaan alangaa naamusa cimaatiin himatamee adabbiin cimaan irratti murtaa'ee murtiin kenname Gumii Waliigalaatiin akka **irra deebi'ame ilaalamuuf** iyyannoo isaa **Hoogganaaf** dhiyeeffachuu ni danda'a.*
2. ***Iyyannoo**n murtiin irra deebii'amee akka ilaalamuuf dhiyaatu guyyaa murtiin kenname irraa kaasee guyyoota 30 keessatti dhiyaachuu qaba.*
3. *Iyyannoon akkaataa keewwata kanaa keewwata xiqqaa (2) tiin hin dhihaanne fudhatama hin qabu; haa ta'u malee sababni humnaa ol ta'e yoo isa mudate akka hayyamamuuf Hoogganaaf iyyata dhiyeessuu ni danda'a.*

### 3.3.3. Aangoo Qaama Biraaf Kenname Irratti Seera Baasuu

Seerota qorannoo kana gaggeessuuf sakatta'aman keessaa Qajeelfama Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo, Bosonaa, fi Jijjiirama Qilleensaa Naannoo Oromiyaan ba'e tokko irratti rakkoon akka kanaa mul'ateera. Qajeelfamni kun Qajeelfama To'annoo Sochii Bu'aa Bosonaa fi Itti Fayyadama Bu'aa Bosona Mootummaa Naannoo Oromiyaa jedhamuun kan ba'e dha.[118] Qajeelfamichi Abbaan Taayitichaa galii bu'aa bosona naannichaa seera qabeessa ta'e kamiyyuu irraa argamu (royality fee) ofumaaf sassaabuun misooma bosona mootummaaf, dawoo bineensota bosonaa eeguu, fi misoomsuuf oolchuu akka danda'uuf aangesseera.[119] Haa ta'u malee, hojiin kun abbummaan Dhaabbata Bosonaa fi Bineensota Bosonaatiif kan kenname dha.

### 3.3.4. Bifa Seerri Qabaachuu Malu Qabaachuu Dhabuu

Seerri bifa (form) ittiin bahu kan mataa isaatii qaba. Fakkeenyaaf, lakkoofsaa fi bara itti bahe, seensa (preamble), seerichi maal bu'uureffachuun akka bahe ni caqafama. Haa ta'u malee, qajeelfamootni tokko tokko yeroo itti bifa waliigalaa seerri tokko qabaachuu qabu osoo hin qabaatiin bahan ni jira.[120] Fakkeenyaaf, Qajeelfamni Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo, Bosonaa, fi Jijjiirama Qilleensaa Naannoo Oromiyaan ba'e tokko rakkoo akkasii qaba. Qajeelfamichi, Qajeelfama To'annoo Sochii Bu'aa Bosonaa fi Itti Fayyadama Bu'aa Bosona Mootummaa Naannoo Oromiyaa jedhamuun bahe.[121] Mata-duree isaa, "*Qaajeelfamni kun labsii manneen hojii mootummaa naannoo Oromiyaa lak.199/2008 Bosonaa irratti hundaa'ee kan qophaa'e jedhamee waamama"* jedha. Silaa mata-dureen qajeelfamichaa waan qajeelfamichi bituuf yaadamee ba'e haala agarsiisuu danda'uun ta'uu qaba ture. Akkasumas, qajeelfamichi kewwattoota tartiibaan hin teechifne.[122] Rakkoon kun

---

[118] Qajeelfamni kun lak.oofsaa fi bara kan hin qabnee fi bifa qajeelfamni tokko qabatee ba'uu of keessatti qabateera jechuuf kan hin danda'amne dha.

[119] Qajeelfama To'annoo Sochii Bu'aa Bosonaa fi Itti Fayyadama Bu'aa Bosonaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Kutaa II ilaalaa.

[120] Af-gaaffii Addisuu Laggaas,Olitti yaadannoo lak.60[ffaa]; Silashii Fiqaaduu, Olitti yaadannoo lak..73[ffaa].

[121] Qajeelfamni kun lak.oofsaa fi bara kan hin qabnee fi bifa qajeelfamni tokko qabatee ba'uu of keessatti qabateera jechuuf kan hin danda'amne dha.

[122] Qajeelfamichi Qajeelfama To'annoo Sochii Bu'aa Bosonaa fi Itti Fayyadama Bu'aa Bosona Mootummaa Naannoo Oromiyaa jedhamuun kan waamamu yoo ta'u; mata duree qajeelfama bosona mootummaa naannoo oromiyaa jedhu jalatti hiikoo adda addaa kan teechiseera.

qajeelfamichi yeroo ba'u ogeessa seeraa akka hin hirmaachisnee fi qaamolee dhimmichi ilaallatu hirmaachisuu dhabuu irraa akka maddu hubachuun hin rakkisu.

### 3.3.5. Seerri Caffeen Tume Yeroo Fooyyaa'u Kan Aangoo Bakka Bu'insaan Ba'u Duuka Fooyyaa'uu Dhabuu

Seeronni Caffeen yeroo tokko ba'uun erga hojiirra oolanii booda, akkuma barbaachisummaa isaaniitti ni fooyyaa'u. Yeroo akkasii dambiin ykn qajeelfamni labsicha raawwachiisuuf bahanis bifuma walfakkaatuun waliin fooyyaa'uu qabu. Akkas yoo hin taane, dambiin seera fooyya'e bu'uureffachuun bahe seera haaraa raawwchiisuu kan itti fufu ta'a. Qabatama naannoo Oromiyaa yoo ilaallu, labsiin yoo fooyya'u dambiin labsicha hojiirra oolchuuf ba'e waliin fooyyaa'uu dhabuu isaa hordoffiin taasifamu cimaa miti.[123] Fakkeenyaaf, Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Gurmeessuu, Aangoo, fi Hojii Isaanii Murteessuuf Bahe, Lak.163/2003 Labsii Lak.199/2008 bakka kan bu'e ta'us dambiileen labsii 163/2003 bu'uureffachuun bahan hedduun[124] hin fooyyofne. Kanarraa seerotni Caffeen bahan yeroo fooyya'an dambiileen isaan irratti hundaa'anii bahan waliin fooyyeessaa adeemuu irratti hanqinni kan jiru ta'uuti hubatama.

Fakkeenyaaf, bosonaa fi abbaan qabeenyummaa bosonaa kutaa kana jalatti hiikoon kennameeraaf. Qajeelfamichi garuu irra deebiyuudhaan mata duree abbummaa qabeenya bosonaa kan jedhu jalatti irra deebiin hiikeera. Kana malees qajeelfamichi kaayyoo qajeelfamichaa silaa seensa keessatti kan teechifamuu qabu hiikoo jechootaatti aansuuf teechiseera.

[123] Af-gaaffii Ob.Isaa Boruu, Olitti yaadannoo lak. 62[ffaa;] Addisuu Fallaqaa, Olitti yaadannoo lak. 78[ffaa].

[124] Fakkeenyaaf Dambii Labsii Dhaabbilee Misooma Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak.. 181/2005 Raawwachiisuuf Bahe Lak. 184 /2008; Dambii Waajjira Qindeesaa Piroojaktii Sirna Qabiinsa Ragaa Lafa Magaalaa Hundeessuuf bahe Lak.142/2004; Dambii Sirna Kenniinsa Manaa fi Lafa Mana Jireenyaa Barsiisota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe Lak.183 /2008 ilaaluun ni danda'ama.

### 3.3.6. Dambiilee fi Qajeelfamoonni Aangoo Bakka Bu'insaa Yeroo Jedhame Keessatti Ba'uu Dhabuu

Akka Naannoo Oromiyaatti, Caffeen qaama mootummaa ol'aanaa[125] bu'uuraan aangoo seerota baasuu qabu dha. Seerotni Caffeen ba'an hojiirra ooluu isaaniis qaama ol'aantummaan to'atu dha. Qabatamaan garuu, Caffeen qaama dambii ykn qajeelfama akka baasuuf aangeffame hordofuun dambii ykn qajeelfama jedhame yeroon ba'aa adeemuu irratti to'annoo sirnaan akka hin gaggeessine ta'uu afgaaffiiwwan gaggeeffamee[126] fi sakatta'a seerotaa tokko tokko armaan olitti kutaa **3.2.1.B** jalatti agarsiifne irraa kan hubatamu dha.[127]

### 3.3.7. Dhimmoota Labsiin Aangeffamuu Malan Qajeelfamaan Aangessuu

Dhimmoota Labsiin Hojjettoota Mootummaa Lab. Lak 61/ 1994tiin uwwisa argatan keessaa tokko Mana Murtii Bulchiinsaa hundeessuu dha.[128] Kaayyyoon hundeeffama Mana Murtii kanaas, ol'iyyannoowwan falmii hojjettoota mootummaatiin dhiyaatan ilaalee akka murteessuuf yommuu ta'u, dhimmootni manni murtichaa ilaalus labsicha kwt. 71 jalatti tarreeffamaniiru.[129] Akka labsii kanaatti, dhimmootni manni murtii

---

[125] Labsii Waajjira Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Hundeessuuf Bahe, Labsii Lak 191/2007 kwt 2 irratti hiikoo caffeef kenname ilaaluun ni danda'ama. "**Caffee**" jechuun akkaataa tumaa Heerichaa Keewwata 46 Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumameen kan dhaabbate Qaama Seera Baasaa fi Abbaa Aangoo Ol'aanaa Mootummaa Naannoo Oromiyaati.

[126]Af-gaaffii Isaa Boruu, Olitti yaadannoo lak. 62[ffaa]; Addisuu Fallaqaafi Abdii Kadiir, Olitti yaadannoo lak. 78[ffaa]; Istaatiksii labsiiwwan caffeen bahan meeqaaf dambiin akka bahee fi hin baane illee bira gahuun rakkisaadha. Labsiin Caffee ammaa 207 irra gaheera; kanneen keessaa meeqaaf dambiin bahe ykn hin baane kan jedhu mataa isaatiin rakkoo akka ta'e af-gaaffiin Efereem, Daarikteera Daarektoreetii Kenna Deeggersa Ogummaa, Hojii Seera Tumuu, fi Hordoffii fi To'annoo Caffee Oromiyaa waliin gaafa 07/05/2010 gaggeeffame ni agarsiisa.

[127]Seerota kanniin wayita to'annoo Caffeen dambiilee fi qajeelfamoota irratti taasisu xiinxallu (3.2.1.B) fakkeenyaaf waan agarsiifneef, irra deddeebii hambisuuf jecha asitti osoo hin agarsiisiin bira darbameera.

[128] Labsiin Hojjettoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak. 61/1994, Kwt.70.

[129] Haaluma kanaan, Manni Murtichaa:

1) *Seeraan ala hojiirraa dhorkamuudhaan yookiin tajaajilli isaa addaan cituudhaan;*
2) *Adabni naamusaa cimaan waan irratti murtaa'eef;*
3) *Seeraan ala mindaan isaa yookiin kaffaltiin biroo kan jalaa qabame yookiin cite ta'uu isaan;*

bulchiinsaa ilaaluuf aangeffame hundi duguugamee tarreeffameera. Kun kan agarsiisu, manni murtii bulchiinsaa dhimmoota labsichaan tarreeffamaniin ala dhimma hojjetaa mootummaan walqabatee ka'u kan biroo ilaaluu hin danda'u jechuu dha. Haa ta'u malee, qajeelfamni *Job Evaluation and Grading* (JEG) lak.10/2009 hojjetaan mootummaa komii ol'iyyannoo ramaddii JEG irratti qabu gara mana murtii bulchiinsaatti dhiyeeffachuu akka danda'u tumuun[130], aangoo labsiin mana murtichaaf hin kennine kenneera. Qabatamaanis, manni murtii bulchiinsaa komiiwwan bu'uura qajeelfama JEG tiin aangeffame ofitti fudhatee murtii kennaa jira.[131]

### 3.3.8. Dhimmoota Qajeelfamaan Ba'uu Qaban Dambiin Baasuu

Ejensiin Galmeessa Ragaalee Bu'uuraa Hawaasummaa Naannoo Oromiyaa Dambii Lakk 169/2006 tiin kan hundaa'e yoo ta'u; kaayyoon isaas hojiilee galmeessa ragaalee bu'uuraa hawaasummaatiin walqabatan hoogganuu dha.[132] Aangoo fi gahee hojii Ejensichaa keessaa tokko galmeen ragaalee bu'uuraa hawaasummaa naannicha keessatti haala barbaachisuun raawwatamuu fi *waraqaan ragaa kennamuu* isaa to'achuu dha. Dambichi waraqaan ragaa ragaalee bu'uura hawaasummaa akkamitti akka kennamuu fi kaffaltiin tajaajilichaa hangam akka ta'e hin tumne. Ejensichi boordiin kan bulu yoo ta'u; boordichis aangoo qajeelfama baasuu ni qaba.[133] Dambii kana raawwachiisuuf qajeelfama barbaachisu keessaa inni tokko hanga kaffaltii tajaajila ragaalee bu'uura hawaasummaati. Fakkeenyaaf, ragaa dhalootaa, kan du'aa, gaa'ela raawwachuu, hiikkaa raawwachuu fi kkf hangam akka ta'e murteessuun barbaachisaa dha. Haa ta'u malee, dhimmoota olitti tarreeffaman

4) *Miidhaa haala hojii isaan irra gaheen haala walqabateen mirgi isaa hir'achuu isaatiin hojjetaan mootumma komii qabu oliyyannoo inni dhiyeeffatu ilaalee murteessuuf aango ni qabaata (*kwt. 71, Lab. Lak. 64/1996 ilaalaa)

[130]Qajeelfama Raawwii Ramaddii Hojjetoota Mootummaa Gitoota Hojii Mala Qabxiin Madaaluufi Sadarkeessuu Hojiitiin Madaalamanii Sadarkeeffaman Irratti Gaggeessuu Qophaa'e Lak.10/2009 kwt 32 fi 36 (3) walfaana yoo dubbifamu.

[131]Fakkeenyaaf, dhimmoota falmii ramaddii JEG Lak. Galmee T-947/10; ***Tigist Biyaaziniliny Waasee fi Waajjira Bulchiinsaa Fi Nageenya Godina Wallagga Bahaa fi*** Galmee W-909/10; Warqituu Safaraa fi Abbaa Taayitaa Daandiiwwan Oromiyaa jidduutti gaggeeffame ilaaluun ni danda'ama.

[132] Dambii Ejensii Galmeessa Ragaalee Bu'uuraa Hawaasummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe Lak 169/2006, Kwt 7 ilaalaa.

[133] Dambii Ejensii Galmeessa Ragaalee Bu'uuraa Hawaasummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe Lak. 169/2006, Kwt 27.

kanaaf Kaffaltii Tajaajilaa Kenniinsa Waraqaa Ragaa Ragaalee Bu'uuraa Hawaasummaa murteessuuf dambiitu bahe.[134] Dhimmi dambii kana keessatti teechifames dhimma qajeelfamaan tumamuu danda'u kan akka hanga kaffaltii tajaajila hawaasummaa murtessuu dha.

### 3.3.9. Dhimmoota Hunda Hammachiisuu/Diddiriirsuu Dhabuun Hojiirratti Rakkoo Uumuu

Seerotni Magaalota Oromiyaatiin wal qabatanii yeroo ammaa hojiirra jiran, Labsii Magaalota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Hundeessuuf Bahe, Lak. 195/2008 (kanaa booda *Labsii 195/2008* jedhamuu) fi Labsii kana kan fooyyesse Labsii Lakk. 196/2008; akkasumas, dambii labsicha raawwachiisuuf bahe Dambii Magaalota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 186 /2008 (kana booda *Dambii 186/2008* jedhamu) dha. Seerota olitti caqasaman kanneen raawwachiisuuf qajeelfamootni adda addaas mana hojichaan bahanii jiru. Qaawwi asitti mul'atu aangoo labsii keessatti teechifame dambiin diddiriirsee teechisuu dhabuu dha. Fakkeenyaaf, Labsiin 195/2008 keewwata 12(1b) jalatti bulchiinsi magaalaa, aanaa magaalaa hundeessuu akka danda'u tumameera. Keewwatni 12(2) ammoo Bulchiinsa sadarkaa Magaalaatti aanee caasaa Aanaa Magaalaa hundeessuun kan danda'amu Magaalota sadarkaa Riijiyoo Pooliisii[135] fi Muummee keessatti qofa akka ta'e tuma. Labsiin 196/2008 tumaalee kanneen fooyyessuun magaalaan sadarkaa Riijiyoo Pooliisii akka hin jirree fi jechi Aanaa Magaalaa Labsii 195/2008 keessatti ibsame haqamee Kutaa Magaalaan akka bakka bu'u tumeera.[136] Labsii 195/2008 kwt 34 jalatti aangoo fi hojii hoji-gaggeessaa kutaa magaalaa tuma. Dambiin 186/2008 ammoo, waa'ee aangoo kutaa magaalaa homaa osoo hin jedhiin irra utaaluun aangoo ganda magaalaa tumeera. Dambichi kwt 22 (1) irratti aangoo fi hojiin Ganda magaalaa, aangoo fi hojii sadarkaa magaalaa yookiin kutaa magaalaatiif kenname

[134] Dambii Kaffaltii Tajaajilaa Kenniinsa Waraqaa Ragaa Ragaalee Bu'uuraa Hawaasummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe Lak. 188/2008, Kwt 5.

[135] Riijiyoo Poolisii jechuun akka labsii Magaalota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Hundeessuf Bahe 195/2008 kwt.2 (14) jalatti hiikametti kallattiiwwan adda addaatiin giddu gala misoomaa ta'uudhaan magaalonni naannawaa isaanii jiran akka guddatan kan gargaaran jechuu dha.

[136] Labsii Magaalota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Hundeessuuf Bahe Lak.195/2008 Fooyyessuuf Bahe, Lak. 196/2008,Kwt 2(2), 2(9).

*qooddachuun*[137] kan hojjatu ta'ee, dabalataan aangoo fi hojii inni hojjetus (a-j) tti tarreesseera. Dambii 186/2008 kwt 43 irratti aangoo qajeelfama baasuu Biiroo Industirii fi Misooma Magaalaa/yeroo ammaa Biiroo Misooma Magaalaa fi Manneeniif kenneera. Aangoo kutaa magaalaa ilaalchisee Biirichi qajeelfama baasuuf yoo jedhu dambii keessa waan hin jirreef, qabatamatti rakkoo uumeera.[138]

## 4. YAADOTA GUDUNFAA FI FURMAATAA

Xiinxala waliigalaa gaggeeffame irraa ka'uun argannoowwan armaan gadii argamaniiru.

- ☞ Qophiin dambiilee fi qajeelfamootaa ija to'annoo waliigalaatiin yoo ilaalamu, qaawwa seeraas ta'e kan raawwii ni qaba. Iddoo tokko tokkotti (fknf: qajeeltoo beeksisuu) uwwisi seeraa hin jiru; hojimaatanis itti hojjetamaa hin jiru.Iddoo tokko tokkotti ammoo (qajeeltoo hirmaachisuu, fi maxxansuu) uwwisi seeraa jira. Hojiirra oolmaan isaa garuu, hanqina guddaa qaba.

- ☞ To'annoon qaamoleen mootummaa adda addaan, keessattuu Caffee fi Manneen Murtiin dambiilee fi qajeelfamoota irratti taasifamaa jiru hanqina bal'aa qaba.

- ☞ Qaama raawwachiiftuun sadarkaa wixineetti dambiilee irratti to'annoo akka taasisu sirni dandeessisu diriiree jiraachuun isaa akka gaariitti kan ilaalamu ta'us, qajeelfamoota ilaalchisee warreen adeemsa qophii dambiilee hordofuun ba'an yoo ta'e malee sirni ittiin to'atamu diriiree hin jiru. Dambiilee ilaalchisees qabatamatti qaawwa isaan agarsiisaa jiran irraa ka'uun yoo ilaalamu, to'annoon jiru bu'a-qabeessa jechuun hin danda'amu.

- ☞ To'annoon dambiilee fi qajeelfamoota irratti taasifamu cimaa akka hin taane dhimmootni akka sababoota ijootti ilaalaman uwwisi seeraa gahaa

[137] Dambichi silaa aangoo fi hojiiwwan kutaan magaalaa hojjetu tarreessuun isaan keessaa warra kamtu ganda magaalaaf qoodamuu akka danda'an ibsee gaarii dha.
[138] Afgaaffii Jamaal Usmaan, Olitti yaadannoo lak. 70[ffaa].

ta'e jiraachuu dhabuu, bakka uwwisi seeraa jirutti ammoo hojiirra oolmaan laafaa ta'uu fi hubannoon gahaa ta'e dhabamuu dha.

Kana irraa ka'uun yaadotni furmaataa armaan gadii akeekamaniiru:

- ✓ To'annoon waliigalaa fi qaamolee mootummaa adda addaan dambiilee fi qajeelfamoota irratti taasifamu bu'a qabeessa taasisuuf Caffeen Oromiyaa seera bulchiinsaa qindaa'aa yoo baase gaarii dha. Seerri ba'u kun bu'uuraan:

  a) Sirni kenninsa aangoo bakka bu'insaan dambiilee fi qajeelfamoota baasuu qabiyyee, kaayyoo, fi daangaan ifa akka ta'utti dhimmoota seerota kanniin baasuun irratti barbaachisu adda baasuun keewwata-keewwataan akka ta'utti osoo tumee gaarii dha.

  b) Adeemsi qophii dambiilee fi qajeelfamootaa qajeeltoowwan beeksisuu, uummata hirmaachisuu, fi maxxansuu keessa darbuu akka qabu kan dirqisiisu ta'uu qaba.

  c) Dambiileen hundi ragga'uun dura sadarkaa wixineetti Caffeef dhiyaachuun seera qabeessummaan isaanii akka to'atamu kan dirqisiisuu ta'uu qaba.

  d) Qajeelfamoonni, keessattuu warreen dantaa uummataa fi mootummaan kallattiin hidhata qaban (fakkeenyaaf, qajeelfamootni bulchiinsa lafa magaalaa fi baadiyyaa, investimentii, taaksii fi gibira, faayinaansii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa) sadarkaa wixineetti Caffeef dhiyaachuun akkaataa aangoo bakka bu'insaan ba'uun isaanii akka to'atamuuf kan dirqisiisuu ta'uu qaba. Kana bu'a-qabeessa taasisuuf humna namaa Caffee baay'inaa fi qulqullina barbaadamuun guutuun barbaachisaa dha.

  e) Caffeen Oromiyaas dambiilee fi qajeelfamoota sadarkaa wixineetti dhiyaataniif yeroo seeraan murtaa'e keessatti sakatta'ee duubdeebii barbaachisu qaama wixinicha ergeef kennuu qaba. Yeroo jedhame

keessatti erguu yoo baate, wixineen dhiyaate bahee hojiirra kan ooluu akka ta'uttis saxaxamuu qaba.

- ✓ Caffeen Oromiyaa dambiilee ykn qajeelfamoota hojiirra jiran seera ofii baasee jiruun (labsiin) wal simuu dhabuu isaanii yoo beeke qaama seericha baase dirqisiisuun sirreeffamni barbaachisaa akka ta'u gochuu qaba.

- ✓ Manneen murtiif falmiin dhiyaatu dambii ykn qajeelfama kan bu'uureffate yoo ta'e, tumaa dambichaa ykn qajeelfamichaa qofa irratti hundaa'uun dhimmicha murteessuu (akka amma bal'inaan mul'atu) osoo hin taane; dabalataan, seerota rogummaa qaban biroo (heeraa fi labsii) waliin walbira qabuun xiinxaluun gaarii ta'a. Haaluma kanan,

  - Heera waliin walitti bu'insi kan jiru yoo ta'e, karaa Gumii Calaltuu Heeraan gara Koomishinii Hiiktuu Heera Mootummaatti qajeelchuu;

  - Labsii Caffeen baase waliin walitti bu'insi kan jiru yoo ta'e, sodaa tokko malee ofumaaf hiikkoo kennuun akkuma haala isaatti dambicha ykn qajeelfamicha bu'aa yoo dhabsiise gaarii dha.

- ✓ Sekteroonni dambiilee wixineessuun Biiroo Haqaa Oromiyaaf dhiyeessan akkaataa dambii lak.131/2003, kwt.15tiin qorannoo gahaa ta'e irratti hundaa'uun dhiyeessuun daran barbaachisaa dha. Biiroon Haqaa Oromiyaa fi Waajjirri Pirezidaantiis qorannoon gaggeeffame akkaataa barbaadamuun kan gaggeeffame ta'uu isaa mirkaneeffachuuf hordoffii cimaa yoo taasisan gaarii dha.

- ✓ Seekteroonni mootummaa, keessattuu warreen sadarkaa Biirootti jiran caasaa ogeessa seeraa gahumsa qabu itti qacaratan diriirsuun gaarii dha; warreen caasaa akkasii qabanis dhimma wixinee seeraa irratti leenjii kennuun gahoomsaa adeemuun murteessaa dha.